




BARNOOTA HAWAASAA

QAJEELCHA BARSISAA
KUTAA 7

BARNOOTA HAWAASAA

QAJEELCHA BARSISAA



Mootummaa Fedaraalaawaa Dimookraatawaa Ripubilikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa

ISBN: 978-99944-2-133-6

Gatii: Qr. 14,10



Mootummaa Fedaraalaawaa Dimookraatawaa Ripubilikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa

KUTAA
7

BARNOOTA HAWAASAA

Qajeelcha Barsiisaa

KUTAA 7

Qopheessitoota: Warqinaa Tolu (MA)
Wandimmuu Tarrafaa (MA)

Gulaalaa: Abrahaam Tasammaa (BA)

Madaaltota: Dirribaa Bayyanaa (BA)
Fiqaaduu Kabbadaa (MA)
Habiib Galgaluu (BA)
Imaanu'eel Horaa (BA)



Maxxansaan

© Mirgi maxxansa guutumaa guututti seeraan eegamaadha. Guutuu yookiin qaama maxxansa kanaa, haalaa fi bifa kamiiniyyuu, jechuun elektiroonikaan, footookooppiidhaa fi waraabuun eeyyama dhaabbata maxxansiisee malee, haala birootti dabarfamuu hin danda'u.

Jalqaba bara 2011 maxxanfame

ISBN: 978-99944-2-133-6

Dhaabbata Maxxanse: UBS Publishers, Distributors Pvt. Ltd. India.

BAAFATA

QABIYYEE

FUULA

Boqonnaa 1:	Afrikaa Keessa Jiraannu	1
	1.1. Argama, Baldhina fi Danaa Afrikaa	1
	1.2. Sararran Dagalee fi Gadee	5
	1.3. Maatiiwwan Afaanota Gurguddoo Afrikaa fi Faca'iinsa Isaanii	6
	1.4. Qaroomman Afrikaa Durii	7
	1.5. Mootummoota Afrikaa Sirna Koloniin Duraa	8
	1.6. Daldalli Karaa Dheeraa Ummattoota Itoophiyaa Wal Qunnamsiisuuf Sababa Ta'uu Isaa	10
	1.7. Ummata Afrikaa	11
Boqonnaa 2:	Caasaa Baqqaana Laffaa	13
	2.1. Kaartaa Irraa Odeeffannoo Barbaaduu fi Itti Fayyadamuu	13
	2.2. Baqqaanota Laffa	15
	2.3. Gosootaa fi Akkaataa Uumama Kattaalee	16
Boqonnaa 3:	Sirna Ikkoo fi Rakkoolee Isaa	19
	3.1. Biqiltoota Uumamaa, Bineensota Bosonaa Beekamoo fi Barbaachisummaa Isaanii	20
	3.2. Bishaan, Biyyee fi Qilleensa	22
	3.3. Kunuunsa Qabeenyaa Uumamaatii fi Tarkaanfiiwwan Fudhatamuu Qaban	23
Boqonnaa 4:	Ajandaa Ummataa	26
	4.1. Dhimmoota Ummataan Walqabatan	26
	4.2. Dhimmoota Mirgaa fi Nageenyaa	29
	4.3. Sagantaawwan Dhaabbileetti Hirmaachuu	31
Bu'aawwan Barnoota Hawaasaa		33
Siilabasi Barnoota Hawaasaa		35



Afrikaa Keessa Jiraannu

(Wayitii: 23)

BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA

Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda barattoonni:

- Argama, baldhina, danaa fi maatii afaanota gurguddoo Afrikaa ni ibsu.
- Qoroomman gurguddoo Afrikaa durii fi biyyoota Afrikaa sirna koloniin duraa addaan ni baafatu.
- Sababoota faca'iinsa, qubannaan fi haallan jireenya ummataa irratti dhiibbaa fidan ni ibsu.

Qabxiwwan Ijoo

Barnoota Hawaasaa kutaalee dabran keessatti barataniin waa'ee aanaa, naannoo fi biyya keessa jiraatanii barachuun barattootaa ni beekama, Boqonnaa kana keessatti ammoo waa'ee Afrikaa Keessa Jiraannuu kan jedhu baratu. Boqonnaa kana keessatti qabxiileen gurguddoon argaman argama, baldhina fi danaa Afrikaa, sararran Dagalee fi sararran Gadee, Maatii afaanota gurguddoo Afrikaa, Qaroomman durii, Mootummoota Afrikaa durii, daldala karaa dheeraa fi ummata Afrikaa kan jedhan fa'a.

Boqonnaa kana keessaa ga'umsi barnootaa inni xiqqaan barattoota irraa eegamu barattoonni argama, hammaa fi danaa ardii Afrikaa ardiiwwan biroo wajjiin wal bira qabuun madaaluu maqoota maatii afaanota gurguddoo Afrikaa tarreessuu, Misirii fi Kaarteeji wirtuulee qoroomman Afrikaa ta'uu isaanii, bu'aawwan qaroomman Misirii fi Kaarteejii wirtuulee qoroomman Afrikaa ta'uu isaanii, bu'aawwan qaroomman Misirii fi Kaarteejii ibsuu, bu'uura dinagdee biyyoota sirna koloniin duraa kan akka Zimbaabuwee, Maalii fi Funjiii ibsuu Daldalli karaa dheeraa ummata Itoophiyaa wal qunnamsiisuu isaa dinqisiiffachuu dandeettii Zimbaabuween ijaarsa gamoowwaniitiin qabdu dinqisiiffachuu fi haallan faca'iinsaa fi haala jireenya ummataa murteessan ibsuu danda'uu fa'a.

1.1. ARGAMA, BALDHINA FI DANAA AFRIKAA (WAYITII 2)

Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Argama, baldhina fi danaa ardii Afrikaa kan ardiilee birootiin wal bira qabuun ni madaalu.
- Argama ardii Afrikaa addaan ni baafatu.

Qophii Duraa

Barnoota mata duree kanaa ittiin barsiisuuf meeshaaleen deeggarsa barnootaa barbaachisan:

- Kaartaa Fiizikaalaa Afrikaa kan teessuma lafaa fi laggeen gurguddoo agarsiisu qopheeffachuu
- Kaartaa siyaasaa Afrikaa kan biyyoota Afrikaa fi magaalota gurguddoo agarsiisu qopheeffachuu.

Mala Baruu-Barsiisuu

Barnoonni mata duree kanaa maloota adda addaatiin dhiyaachuu ni danda'a. Fakkeenyaaf, ibsaan gaaffii fi deebiin, mariin wal mormii fi agarsiisaan ta'uu danda'u. Haa ta'u malee, maloonni baruu-barsiisuu kanniin barattoota sissi'eessanii fi barnootaaf isaan kakaasan filatamuu qabu. Barattoonnis akka barnoota isaanii sirnaan hordofuu danda'an haallan mijeessaafii.

Kaartaa Afrikaa kan biyyootaa fi magaalota gurguddoo Afrikaa agarsiisuu fi kaartaa Fiizikaalaa Afrikaan kan laggeen gurguddoo agarsiisu qopheeffedha. Barattoonni kaartaa Afrikaa kan kitaaba isaanii keessatti argamu dabtara isaanii irratti kaasuun biyyootaa fi magaalota gurguddoo isaanii wajjin akka barreeffatan taasisaa.

Lakk	Maqaa biyyaa	Magaalaa Muummee
1	Aljeeriyaa	Aljeersi
2	Angoolaa	Luwaandaa
3	Beenin	Portoo Noovoo
4	Botiswaanaa	Gaaboroonee
5	Burkinafaasoo	Ogaaduguu
6	Burundii	Bujumburaa
7	Kaameeruun	Yaawundee
8	Keeppi Vardee	Piraa'iyaa
9	Rippubliikii Jiddu galeessa Afrikaa	Baanguwii
10	Chaad	Nijamiinaa
11	Komooroos	Moroonii
12	Rippublikii dimookraatawaa Koongoo	Kinshaasaa
13	Rippublikii Koongoo	Biraazaaviil
14	Koot Di Vowaar	Abijaan
15	Jibuutii	Jibuutii
16	Ijpti (Misir)	Kaayiroo
17	Ikuwaatooriyal Giinii	Malaaboo
18	Ertiraa	Asmaraa
19	Itoophiyaa	Finfinnee
20	Gaaboon	Liibraviill
21	Gaambiyaa	Baanjul

22	Gaanaa	Akraa
23	Giinii	Konaakirii
24	Giinii Bisaa'oo	Bisaa'oo
25	Keeniyaa	Naayiroobii
26	Leseettoo	Maseeruu
27	Laaybeeriyaa	Monorooviyaa
28	Liibiyaa	Tiriippoolii
29	Maadagaaskaar	Antanaanaariivoo
30	Maalaawii	Liloonguwee
31	Maalii	Bamaakoo
32	Mooritaaniyaa	Nokaachoot
33	Moorishees	Poorti Luwiis
34	Morookoo	Raabaat
35	Moozaambiki	Maapuutoo
36	Naamibiyaa	Wiindhook
37	Niijar	Niyaamii
38	Naayijeeriyaa	Abuuja
39	Ruwaandaa	Kiigaalii
40	Saa'oo Tomee fi Piriinsippee	Saa'oo Tomee
41	Seneegaal	Daakaar
42	Siisheelsi	Viktooriyaa
43	Seeraaliyoon	Firiitaawon
44	Somaaliyaa	Moqaadishoo
45	Rippiiblikii Afrikaa Kibbaa	Piritooriyaa
46	Riiyuuniyeenii	Seenti Deenis
47	Seenti Heliinaa	Jemstaawon
48	Sudaan	Kaartuum
49	Siwaaziilaandi	Mabaabaanee
50	Taanzaaniyaa	Dodoomaa
51	Toogoo	Loomee
52	Tuniiziyaa	Tuniis
53	Sahaaraa Dhihaa	El-Ayuun
54	Ugaandaa	Kaampaalaa
55	Zaambiyaa	Lusaakaa
56	Zimbaabuwee	Haraaree

Madaallii

Barattoonni barnoota dhiyaateef kana hammam akka hubatan beekuuf hordoffiin wali irraa hin cinne godhamuu qaba. Barattoonni daree tokko keessatti argaman bakka saditti qoodamuu danda’u. Kunis barattoota saffisaan hubachuu danda’an, barattoota jiddu galeessan hubatanii fi barattoota suutaan hubachuu danda’anidha. Dandeettii isaanii kana addaan baafachuun gargaarsa barbaachisu kennuufii qabdu. Mata duree kana keessaa fakkeenyaaf gaaffiilee, Argama jechuun maali? Garaagarummaan argama bir-qabaa fi argama dhugaa maali? Ardiilee addunyaa haala baldhina isaaniitiin wal duraa duubaan tarreessuu danda’uu isaanii madaalaa.

Barattoonni hundinuu ga’umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamu argachuu qaban. Barattoota ga’umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu gad argataniif akka barattoota daree keessatti argamaniin wal gituu danda’an gargaarsi addaa haa kennamuuf. Barattoota kanniiniif sagantaa addaa qopheessuu, gochawwan yeroo boqonnaa hojjatan kennuufiidhan gargaaruu fa’a. Barattoonni sadarkaa ga’umsa isa xiqqaa irraa barbaadamuu olitti hojjatanii qabxii barbaadamuu ol argatan badhaafamuu fi bu’aa argatanitti boonuun akka of duuba hin deebine jajjabeessuun baay’ee barbaachisaadha.

DEEBII GOCHA 1.1

Gocha mirkaneeffannaa

1. Kaartaa Fiizikaalaa ardii Afrikaa agarsiisu dabtara (yaadannoo) isaanii keessatti kaasuu fiixeeffannan afran (Kaabaa, Bahaa, Kibbaa fi Dhihaa) maqaa fi digiriidhaan ibsuu danda’uu isaanii mirkaneeffadhaa.
2. Kaartaa naannoolee qilleensa baramaa Afrikaa agarsiisu dabtara (yaadannoo) isaanii keessatti kaasuu isaanii mirkaneeffadhaa.

DEEBII GILGAALA 1.1

Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Argamni ardii Afrikaa karaa lamaan ibsama.
2. Argama bir-qabaa jechuun mala bakka wanti tokko, naannoon yookiin biyyi tokko itti argamu wanta yookin wantoota beekamoo akka ka’umsaatti fudhachuun ibsuu danda’uu jechudha.
3. Haalli teessuma lafa ardii Afrika bakka sadi gurguddootti qoodama. Isaanis,

Naannoolee lafa ol ka’oo, lafa dakee fi sulullan fa’a.

4. Biyyoonni fiixxeewwan afran ardii Afrikaa keessatti argaman Tuuniziyaa, Somaaliyaa, Ripubliikii Afrikaa Kibbaa fi Seneegaali.
5. Ardiileen addunyaa isa baldhina xiqqaa qabu irraa gara isa baldhina guddaa qabutti yoo barreeffaman Awustiraaliyaa, Awurooppaa, Antaartikaa, Ameerikaa Kibbaa, Ameerikaa Kaabaa, Afrikaa fi Eeshiyaadha.

1.2. SARARRAN DAGALEE FI GADEE (WAYITII 3)

Ga'umsa Barachuu Isa xiqqaa

Barattoonni adeemsa fi xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Maalummaa sararran dagalee fi Gagee ni ibsu.
- Hariiroo sararran Dagalee fi Gadee wajjiin qaban ni ibsu.
- Faayidaa sararran Dagalee fi Gadee ni ibsu

Qophii Duraa

Barnoota mata duree kanaa osoo barsiisuuf hin eegalin dura meeshaalee deeggarsa barnootaa kanniin akka Giloobii, Kaartaa Addunyaa kan ardiilee fi qaamman bishaana'oo agarsiisanii fi Guca sararran Dagalee (sararran wal tarree) fi sararran Gadee (Sararran Meeridiyaanii) agarsiisu qopheeffachuu fa'a.

Mala Baruu-Barsiisuu

Barnoota mata duree kanaa osoo barsiisuu hin eegaliin dura kitaaba barataa irraa dubbisuu fi maddoota biroo irraa odeeffannoowwan walitti qabachuun barbaachisaadha. Barattoonni akka waan beekan ibsan mala gaaffii fi deebii, fakkeenyaaf Sararran Dagalee maali? Sararran Dagalee beekamoon kam fa'a? Jeechuun barattoota gaafachuun ni danda'ama. Maloota adeemsa baruu-barsiisuu mata duree kanaaf barbaachisan filadhaa. Barattoonni akka si'aa'inaan barnoota isaanii hordofan jajjabeessaa.

Madaallii

Barattoonni barnoota mata duree kanaa keessaa hammam akka hubatan mirkaneeffachuuf gaaffiilee akka sararran Dagalee maali? Sararran Dagalee beekamoon kam fa'a? Sararran Gadee maali? Faayidaan sararran Dagalee fi sararran Gadee maali?

Barattoonni daree keessatti argaman hundinuu sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamu argachuu akka qabanis qalbeeffadhaa. Barattoota sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu gad argatan akka barattoota daree keessatti argamaniin wal gituu danda'an gargaarsi addaa kennamuufi qaba. Barattoota kanniinif sagantaa addaa qopheessuu, gochawwan yeroo boqonnaa hojjatan kennuu fi gargaaruu fa'a. Barattoonni sadarkaa ga'umsa isa xiqqaa irraa barbaadamuu olitti hojjatanii qabxii argatan badhaafamuu fi bu'aa argatanitti boonuun akka of duuba hin deebine jajjabeessuun barbaachisaadha.

DEEBII GOCHA 1.2

Gocha mirkaneeffannaa

1. Wixinee kaartaa Afrikaa ka'e irratti sararran Dagalee fi sararran gadee barattoonni dabtara isaanii irratti kaasuun sararran dagalee gurguddoo fi sarara Giriinwichee maqaa irratti barreessuun agarsiisuu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.
2. Burtukaana lama fudhachuun tokko bakka lama walqixa ta'anitti dalga muruun sararran Dagalee ibsuu fi kan lammaffaa irraa gadi bakka lama wal qixa ta'anitti baqaqsuun waa'ee sararran Gadee barattoonni kan hubatan ta'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

DEEBII GILGAALA 1.2

Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Faayidaan sararran Dagalee fageenya mudhii lafaa irraa gara Bantii Kaabaa fi Bantii Kibbaatti jiru safaruuf gargaaru. Sararran Gadee ammoo fageenya bakki tokko sarara meeriydiyaanii (0°) irraa gara Bahaa fi Dhihaatti qabuu fi yeroo safaruuf gargaaru.
2. Ardii jechuun qaama dachee baldhaa biyyoota hedduu of keessaa qabuudha.
3. Addunyaa irra Zoononta yeroo (sa'aatii) 24tu jiru.
4. Mala Argama dhugaa (absolute location) ardii Afrikaa Kaabaa (37°31' Ka), Bahaan (51° 24') Kibbaan (34°52' Ki) fi Dhihaan (25° 11' Dhi) jedhamuun ibsmaa.
5. Sararran Dagalee gurguddoon sarara Mudhii Lafa (0°), Sarara Kaansarii 23½° Ka fi Sarara Kaappirikoornii 23½° Ki fa'a.

1.3. MAATIIWWAN AFAANOTA GURGUDDOO AFRIKAA FI FACA'IINSA ISAANII (WAYITII 2)

Ga'umsa Barachuu Isa xiqqaa

Barattoonni mata duree kana erga xumuranii booda:

- Naannowwan maatii afaanota kanaa keessatti dubbataman ni eeru,
- Maatiiwwan Afaanota Afirika gurguddoo ni addeessu.

Qophii Duraa

Osoo kutaa hin seenin dura mata-duree kana sirriitti dubbistanii hubachuu keessan mirkaneeffadhaa. Sadarkaa Afrikaattis ta'ee sadarkaa Itoophiyaatti afaanonni hedduun dubbatamaa jiraachuu isaanii sirriitti hubadhaa. Afaanonni Itoophiyaa keessatti dubbataman maatii afaanota gurguddoo Afrikaa isa kam irraa akka dhufan sirriitti beekaa. Afaanonni hunduu wal qixxa ta'uu isaanii fi ummanni kamiyyuu afaan isaatti fayyadamuu fi guddifachuudhaaf mirga qabaachuu isaa irratti xiyyeeffattanii barsiisuu keessan hin dagatinaa.

Mala Baruu-Barsiisuu

Keeyyattoota jalqabaa barattoota wajjin dubbisaa. Lakkoofsa afaanota Afrikaa keessatti dubbataman irratti barattotaaf hubannoo kennaa. Afaanota maqaan isaanii eerameen alatti yoo maqaa afaanota biroo dhahuu (waamuu) danda'u ta'e barattoota keessan gaafadhaa. Isaan kun tarii afaanota Itoophiyaa, Afrikaa ykn addunyaa ta'uu danda'u. Jechoota afaan isaaniitiin ala ta'an (jechoota afaanota biroo) yoo beeku ta'e barattoota keessan gaafadhaa.

Mata duree Afaanota Afroo-Eeshiyaa barattoota wajjin sirriitti dubbisaa. Mata-duree kanaaf xiyyeeffannaan guddaan kennameera. Sababiin isaas garee afaanota gurguguddoo kan baay'een afaanota Itoophiyaa irraa maddan waan ta'eefi. Maatiin afaanotaa Itoophiyaa maqaan isaanii Kushitikii, Omootikii fi Semetikii jedhamu maatii afaanii guddaa kana irraa maddu. Kanaafuu, qabxiilee ijoo tarreeffaman irra deebi'anii dubbisanii akka hubataniif barattoota keessan gargaaraa.

Haaluma wal fakkaatuun barattoonni mata-duree afaanota Naayiloo Sahaaraa ilaalchisee dhiyaates haa dubbisan. Bakkaa itti dubbatamanis (fakkii yookiin kaartaa irratti) akka agarsiisan gargaara. Kun immoo dandeettiin barattootaa kaartaa ilaalchisee akka guddataa deemu ni gargaara. Akkasumas afaan kamtu eessatti dubbatama kan jedhu isaan hubachiisa.

Maatiiwwan afaanota Nijjar-Kordofaaniyaanii fi Kooy-saan ilaalchisees barattoota keessan wajjin dubbisuu keessan itti fufaa. Afrikaa keessatti garee afaanii beekamaa kan ta'e, Baantuun, miseensa garee Nijjar-Koongoo ta'uu isaa hubachiisaa. Afaanota Kooy-saan ilaalchisee qabxiin guddaan afaanonni kunniin naannoo kibba ardichaa biyyoota akka Afrikaa Kibbaa fi Naamiibiyaa keessatti dubbatamuu isaanii fi Kooy-saan kaabaa, giddu-galeessaa fi kibbaa jedhamanii bakka sadiitti qoodamuu isaaniiti.

Madaallii

Kutaa kana keessatti hirmaannaa barattootaa kanneen akka kaartaa irratti eeruu, dubbisuu fi gaaffiilee adda addaa deebisuutiif qabxii kennaa. Qqabxichas galmeessuudhaan tokko tokkoo isaanii madaaluu dandeessu.

DEEBII GILGAALA 1.3

Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Naannoo Sudaan

2. Afrikaa Kibbaa fi Naamiibiyaa

1.4. QAROOMMAN AFRIKAA DURII (WAYITII 2)

Ga'umsa Barachuu Isa xiqqaa

Barattoonni mata duree kana erga xumuranii booda:

- Faayidaa qaroomina Afrikaa durii ni ibsu,
- Wiirtuulee qaroomina Afrikaa durii ni eeru,
- Bakkeewwan qaroomina Misirii fi kaarteeji ni argisiisu

Qophii Duraa

Daree seenanii barsiisuu osoo hin jalqabin dura mata duree kana hundasaa sirriitti dubbisaa hubadhaa. Qarooma Misirii fi Kaarteej wal bira qabdee madaaluudhaan yaadannoo qabadhaa. Kana malees, duubatti deebi'aatii kutaa 6 keessatti qarooma Aksum ilaalaa. Hariiroo isaan qabanis hubadhaatii barattoota keessan hubachiisuuf qophaa'aa. Xiyyeeffannoo ummanni Misirii hojii qonnaa, ijaarsa adda addaa fi shaakala barreessuu (Haayirogliifiiksiif) kennaa ture dhiyeessuuf kitaabota adda addaa dubbisuun isin gargaara.

Mala Baruu-Barsiisuu

Kutaa 6^{ffaa} keessatti barattoonni hariiroo qonnii fi qaroomni Nuubiyaa fi Aksum qaban hubatanii jiru. Qarooma Misirii durii akka hubataniif ammoo mata-duricha dura sirriitti haa dubbisan. Kutaa kana keessattis gahee qonni qarooma Misir durii keessatti taphatee fi lagni Naayil qonna keesatti ammoo shoora guddaa akka ta'e akka hubatan gochuu.

Barattoota wajjin ta'uun faayidaa qarooma Misiroota durii fi kutaa xinaa qonnaa irratti hundaa'ee gara fuula duraatti dhiyaatu dubbisuu itti fufaa. Misir durii keessatti yeroo baay'ee hojiin qonnaa marsaadhaan kan dhufu ta'uun isaa akka yaada ijootti fudhatama. Lagni Naayil yoom akka guutu waan beekaniif, kanaaf of qopheessuudhaan bishaanii fi biyyee eeganiitti fayyadamaa turan. Kunis dandeettii waa raaguu ummatischee guddiseera. Barattoonni keessan kana irraa maal barachuu danda'u? Jiruu fi jireenya isaani keessatti gara fuula duraatti maaltu isaan irraa akka eeggatu hubannoo ni horatu. Fakkeenyaaf, Qorumsi yoom akka ta'e beekuudhaan itti qophaa'uu.

Magaalonni Misirii durii baay'een laga Naayil irratti hundaa'uun isaanii hojii qonnaa lagicha irratti adeemsifamuun wal qabata.

Barattoota wajjin kutaa dhimma ogummaa gamoo kana dubbisuu itti fufaa. Misiroonni durii mana amantii fi awwaala isaanii dhakaa irraa, mana isaanii immoo bilookeetii dhoqqee fi muka irraa ijaarrachaa turuu isaanii irratti xiyyeeffadhaa. Awwaalli mootota isaanii piiraamidoota jedhamu. Fakkii Piiraamiidii kitaaba barataa irraa itti agarsiisaa akka isaan harka isaaniitiin kaasan shaakalsiisaa.

Barattoonni dubbisuu isaanii itti haa fufan. Maloota barreessuu hubachuu fi diqisiifachuudhaan barbaachisummaa barumsaa irratti xiyyeeffatu. Faayidaan paappirasii maal akka ta'e barattoota gaafadhaa. Barattoonni ciccimoon ergaan jecha afaaniin darbu ni irraanffatama ykn jijjiiramuu danda'a jedhanii amanu ta'a. Ergaan barreeffamaan darbu garuu yoo waraqaan (Paappirasiin) irratti barreeffame bade yookiin baqaqe malee hin jijjiiramu ykn hin irraanffatamu. Barattoonni hirmaannaa gad aanaa qaban qabxii kana akka hubatan gargaaraa. Fakkeenyaaf gaalee gabaabaa ariitiidhaan gurra barataa tokkootti hasaasuun himuu dha. Irra deebitee itti himiinaa. Ergaan atattamaan himame kun tasumaa akka hin hubatamne ykn akka irraanffataman mirkanneessaa.

Madaallii

Barattoota dammaqinaan akka hirmaatan kakaasaa. Hirmaannaa isaaniitiifis qabxii kennaa. Kana malees, gaaffiilee madaalli itti fufaa dhuma boqonnaa kitaaba barataa irratti kennaman keessaa isaan barbaachisoo ta'an gaafachuun barattoota dabalataan madaaluu dandeessu.

DEEBII GILGAALAA 1.4

Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Bara mootummaa moofaa, bara mootummaa Giddu-Galeessaa fi bara mootummaa haaraa

2. Heeliippoliis

3. Kaarteej

1.5. MOOTUMMOOTA AFRIKAA SIRNA KOLONIIN DURAA (WAYITII 3)

Ga'umsa Barachuu Isa xiqqaa

Barattoonni mata duree kana erga xumuranii booda:

- Bu'uura dinagdee biyyoota Gaanaa, Maalii fi Soongaay ni xiinxalu,
- Bu'aa hojii ijaarsaa ummata Zimbaabuwee ni dinqisiiffatu,
- Bakka mootummaa koloniin duraa Funji ni agarsiisu.

Qophii Duraa

Daree seentanii barsiisuu osoo hin jalqabin dura mata duree kana hundasaa sirriitti dubbisaa hubadhaa. Cimina mootummoota Afrikaa koloniin duraa ilaalchisee sirriitti qophaa'aa. Keessumaayyuu mootummoota Gaanaa, Maalii, Soongaay, Zimbaabuwee fi Funji irratti xiyyeeffadhu. Bu'uura dinagdee fi siyaasaa akkasumas hambaawwan seenaa mootummoota kanaatiif bakka ol'aanaa kennuudhaan qophaa'aa.

Mala Baruu-Barsiisuu

Barattoota wajjin ta'uun kitaaba barataa kutaa kanaa dubbisuudhaan mootummoota koloniin duraa gurguddoo Afrikaa addaan baastu. Barattoonis akka addaan baasaniif ni gargaartu. Yaaddan ijoo kanneen akka Kaayaa Magan, Kumbii Saaleh, Maansaa Muusaa Toondibii fi Kufaatii Gaanaa irratti xiyyeeffannaa godhaa. Mata-duree Maalii jedhu jalattis gahee albuudni warqii dagaagina dinagdee biyyattii keessatti taphate qabxii saanduqa keessa jiru irratti xiyyeeffattee ibsuudhaan barattoonni hubannoo akka argatan gargaaraa,

Kaartaa Afrikaa gabatee irratti iskeechii kaasuun naannoolee Gaanaa, Maalii, Soongaay, Zimbaabuwee fi Funji barattoonni akka agarsiisan gargaaraa.

Mootummaan Zimbaabuwee koloniin duraa hunda caalaa maaliin akka beekamtu barattoota gaafadhaa. Deebiin isaa ijaarsa gamoowwaniitiin yoo ta'e filatama Kanneen akka hojii daldalaas yoo ta'e deebicha harkaa fuudhaa. Kana booda ibsa mataa keessanii yammuu kennitan faayidaa gamoowwanii fi dallaawwanii irratti xiyyeeffachuudhaan ibsaa. Qabxii ijoo saanduqa keessaa irrattis xiyyeeffachuu hin irraanfatiinaa. Gamooowan Zimbaabuwee kunniin mallattoo eenyummaa fi sadarkaa ijaarsi Afrikaanotaa irra gahee ture kan ibsu ta'uu isaas jala muraati dhiyeessaa. Akkasumas waraanaa fi daldalaan beekamtuu ta'uu ishee irratti xiyyeeffadhaa.

Dabalataanis Afrikaa keessatti Funjiin kallattii kamitti akka argamtu barattoota beeksisaa.

Madaallii

Hirmaannaa barattootaa jajjabeessaa. Hirmaannaa isaaniitiifis qabxii kenna. Barattoonni mootummoota koloniin duraa Afrikaa tilmaamaan naannoo kamitti akka argaman kaartaa irratti akka agarsiisan gaafachuun ittiin madaalaa. Kana malees, gaaffiilee madaalli itti fufaa dhuma boqonnaa kitaaba barataa irratti kennaman keessaa isaan barbaachisoo ta'an gaafachuun barattoota dabalataan madaaluu dandeessu. Dhumarrattis battallee kennuudhaan ittiin madaalaa.

DEEBII GILGAALA 1.5

Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Maapungubwee
2. Impaayera bal'aa haala gaariitiin bulchuu dadhabuu ishee fi waraana keessatti Soongaayiin injifatamuu isheeti

3. Albuuda akka warqii, oomisha ashaboo, daldalaa fi hojii sibiilaa.

1.6. DALDALLI KARAA DHEERAA UMMATTOOTA ITOOPHIYAA WAL QUNNAMSIISUUF SABABA TA'UU ISAA (WAYITII 3)

Ga'umsa Barachuu Isa xiqqaa

Barattoonni mata duree kana erga xumuranii booda:

- Gahee daldalli karaa dheeraa Itoophiyaa ummata wal qunnamsiisuu keessatti xaphate ni ibsu,
- Daandiiwwan daldalaa gurguddoo jaarraa 19^{ffaa} Itoophiyaa addaan ni baafatu,
- Meeshaalee daldalaa gurguddoo ni eeru.

Qophii Duraa

Osoo daree hin seenin dura mata-duree kana sirriitti hubachuu keessan mirkaneeffadhaa. Ilmi namaa waggootii dheeraatii kaasee hojii daldalaa gaggeessaa turuu isaa ibsuudhaan barannoo keessan jalqabuudhaaf of qopheessaa. Itoophiyaa keessatti hojiin kun waggoota hedduu dura gaggeeffamaa tureera. Hundeeffamni mootummoota durii, guddinni magaalotaa babal'achuun hariiroo ummatoota gidduu bu'aa daldalaa irratti hundaa'uu issa irratti xiyyeeffadhaa. Jaarraa 19^{ffaa} keessatti guddina daldalaan wal qabatee daandiiwwan daldalaa gurguddoon Itoophiyaa keessatti mul'ataniiru. Ka'umsi dandiiwwan kanaa bakka meeshaaleen daldalaa heddumminaan aragamanii yammuu ta'u keessumaayyuu naannoo kibba-dhiha Itoophiyaati. Daandiiwwan kun kallattiiwwan kamiin Itoophiyaa biyyoota alaa wajjin wal qunnamsiisaa akka turan sirriitti hubadhaa.

Mala Baruu-Barsiisuu

Barreeffama mata duree kana Jala jiru barattoota keessan wajjin dubbisaa. Yaaddan ijoo akka meeshaalee daldalaa, Kristiyaan Tooppoogiraafii, Jabartii fi daandiiwwan daldalaatiif xiyyeeffannaa kennaa.

Osoo gara ibsaatti hin ce'in dura meeshaalee daldalaa gurguddoo akka eeraniif barattoota gaafadhaa. Deebii isaaniis tokko tokkoon irraa fuudhuun gabatee irratti tarreessaa. Sana booda ibsa walii galaa kennaa. Yeroo ibsitan meeshaalee biyya alaatti ergamanii fi biyya alaa irraa dhufan addaan baasaa. Isaanis wal duraa duubaan meeshaalee uumamaan argamanii fi meeshaalee warshaalee keessatti omishaman ta'uu isaaniitu beekama.

Sochiin daldalaa bara durii Itoophiyaa keessa ture “daldala sagalee malee” yookiin “silent trade” maaliif akka jedhame hubadhaatii barattoota keessaniif sirriitti ibsaa. Daldalli kun dhawaata dhawaataan babal'achaa dhufee qunnamtii ummatoota gidduu guddisuu isaa irratti xiyyeeffadhaa. Akkasumas meeshaalee bittaa fi gurgurtaaf oolan kanneen akka soogiddaa fi qarshii Mariyaa Tirezaa jedhamu kaasuutu isin irraa eegama. Kaartaa Itoophiyaa durii fakkii (kartaa) 6 irratti barattoonni daandiiwwan daldalaa gurguddoo Jaarraa 19^{ffaa} ti Itoophiyaa keessa turan akka agarsiisan gargaaraa.

Madaallii

Mata duree kana yammuu barsiiftan mallan adda addaatiin barattoota keessan madaalaa. Kanneen keessaa akka kaartaa irratti eeruu, dubbisuu fi gaaffiilee adda addaatiif deebii kennuu ta'uu danda'a. Isaaniifis qabxii kennaa. Qabxichas galmeessaa ittiin barattota keessan madaalaa.

DEEBII GILGAALA 1.6

Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Baroota Aksumiin duraa jalqabame (Puuntii fi Daamaa Sochii kana gochaa turan)

2. A. Daldaltoota Musliimaa Itoophiyaa

B. Daldaltoota Sudaan Itoophiyaanotaa wajjin daldalaa turan

C. Murteessitoota gibiraa

1.7. UMMATA AFRIKAA (WAYITII 8)

Ga'umsa Barachuu Isa xiqqaa

Barattoonni xumura barnoota mata duree kana booda:

- Dhimmoota faca'iinsa ummataa murteessan ni himu.
- Hariiroo dhimmoota faca'iinsi ummataa qubannaa ummataatiin waliin qabu ni ibsu.
- Haala faca'iinsa ummata Afrikaa Kaartaa irraa ni agarsiisu.
- Sababoota gurguddoo faca'iinsa ummataa fi haallan jireenya ummataa irratti dhiibbaa uuman ni ibsu.
- Haala jireenya ummataa qilleensa baramaa fi akaakuu biqiltoota naannootti argamaniin wal bira qabuun ni ibsu.

Qophii Duraa

- Kaartaa Afrikaa kan haala faca'insa ummataa agarsiisu
- Kaartaa Fiizikaalaa Afrikaa kan faca'iinsa qilleensa barmaa fi biqiltootaa agarsiisu.
- Chaartiiwwan (ragaalee) baay'inaa fi heddummina ummata Afrikaa muldhisu.
- Fakkiiwwanii fi footogiraafota adda addaa fa'a qopheeffadhaa.

Mala Baruu-Barsiisuu

Barnoonni mata duree kanaan maloota adda addaatiin dhiyaachuu ni danda'a. Fakkeenyaaf, mala ibsaa, gaaffii fi deebii, marii, wal mormii fi piroojektii kennuun barattoonni ragaalee ummata naannoo jireenya isaanii keessatti argamanii funaanuun qindeessuun akka fidan taasisuu fa'aan. Mata duree kana keessatti qabxilee Qubannaa fi faca'iinsa ummataa, haala jireenya ummata Afrikaa fi dhimmoota faca'iinsaa fi haala jireenya ummataa murteessan kan argaman ennaa ta'an xiyyeeffannaa guddaan kennamuufii qaba.

Madaallii

Barattoonni barnoota mata duree kanaa keessaa hammam akka hubatan mirkaneeffachuuf gaaffiilee akka Baay'ina ummataa jechuun maali? Sababoonni gurguddoon lakkoofsa ummataa maal fa'a? Hedduumina ummataa jechuun maali? Haallan faca'insaa fi qubannaa ummataa murteesan maal fa'a? Baqa jechuun maal? Sababoonni namoonni akka naannoo jireenya isaanii gad dhiisuun gara naannoo birootti akka baqatan taasisan gurguddoon lamaan maal fa'a? Ummanni naannoo keetii hojiiwwan akkamii irratti bobbo'ee argama. Irra caalaan ummata Afrikaa baadiyaa moo magaalota keessa jiraata? Haala faca'insaa fi qubannaa ummata naannoo tokko qilleensa baramaan wal qabsiisuun ibsu jedhan gaafachuun hubannoo barattootaa mirkaneeffachuun ni danda'ama.

Daree tokko keessatti barattoota akaakuu sadituu argama. Isaanis, barattoota ciccimoo, barattoota jiddu-galeessaa fi barattoota suuta suutan barataniidha. Barattoonni hundinuu sadarkaa ga'umsa barnoota isa xiqqaa irraa barbaadamuu argachuu qabu. Waan kana ta'eefis xiyyeeffannaan guddaan kennamuufii qaba.

Barattoota sadarkaa ga'umsa barnootaa isaa xiqqaa irraa barbaadamuu gad argatan akka barattoota daree keessatti argamaniin wal gituu danda'an gargaarsi addaa kennamuufii qaba. Barattoota kanniin sagantaa addaa qopheessuun gochawwan yeroo boqonnaa isaanii hojjatan kennuu fi gargaaruu fa'a. Barattoonni sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu olitti hojjatanii qabxii argatan badhaafamuu fi bu'aa argatanitti boonuun akka of duuba hin deebine jajjabeessuun barbaachisaadha.

DEEBII GOCHA 1.3

Gocha mirkaneeffannaa

1. Gabasaa barattoonni waa'ee haala jireenya (hojiiwwan hojjatanii ittiin jiraatan) ummata naannoo isaanii irratti odeeffannoowwan funaanuun qindeessanii qopheessuun dhiyeessan madaaluun barattoota hubachiisaa.
2. Kaartaa faca'iinsa ummata Afrikaa kaasuun naannoolee Afrikaa ummanni heddumminaa fi haphinaan irra qubatee argamu barattootatti agarsiisuun sababoota gurguddoo faca'iinsa ummataa murteessan ibsaafii.

DEEBII GILGAALA 1.7

Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

I. Dhugaa/Soba

1. Dhugaa
2. Soba
3. Dhugaa
4. Soba

II. Deebii Gabaabaa

1. Hamma dhalataa, hamma du'aa fi baqa fa'a.
2. Baqa jechuun haala ummanni tokko sababban rakkoolee uumamaa dhoohinsa volkaanoo, lolaa bishaan roobaa, sigigaachuu lafaa, caamaa, dhibeewwan adda addaa fi rakkoolee

nam-tolchee kan akka waraanaa fi walitti bu'iinsa ummataa fa'an bakka duraan jiran irraa buqqa'anii deeman ibsuudha.

3. Haallan faca'insaa fi qubannaa ummataa murteessan haala teessuma lafaa, qilleensa baramaa, biyyee fi biqiltoota albuuddanii fi naannoo ilbiisota dhibee fidan irraa bilisa ta'uu fa'a.

III. Hojjadhuu agarsiisi

1. Namoota 200/km²
2. 2.5%

DEEBII GAFFIILEE XUMURA BOQONNAA 1

Kutaa I: Dhugaa/Soba

1. Dhugaa
2. Dhugaa
3. Dhugaa
4. Soba
5. Dhugaa

Kutaa II: Bakka duwwaa guutuu

1. Viizeroota
2. Haayiroogiliifiksi
3. Timbuktuu
4. Shoonaa
5. Saasuu

Kutaa III: Filannoo

1. B
2. B
3. B
4. D
5. C

Kutaa IV: Deebii gabaabaa

1. –Weerara Almooraaviidotaa isa Abuu Bakar Been Umariin hogganame
–Fincila biyya keessaa kan akka ummata Sosoo fi Mosii
2. Meeshaa (waraqaa) ummanni Misir irratti barreessaa turan
3. Abbootii albuuda warqii jechuudhaa.
4. Kiristiyaan Tooppoogiraafii
5. Niijer kordofaanii.

Caasaa Baqqaana Lafaa

(Wayitii: 12)

BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA

Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda barattoonni:

- Wixinee Kaartaa hojjachuu ni danda'u.
- Caasaa baqqaanota lafaa fi qabiyyeewwan irra lafaa ni ibsu.
- Sosocho'iinsi diriira keessa lafaa rom'a lafaa uumuu danda'uu isaa ni ibsu.
- Haala uumamaa, gosaa fi misooma dinagdee keessatti faayidaa kattaalee qaban ni ibsu.

Qabxiwwan Ijoo

Barnoota Hawaasaa boqonnaa tokkoffaa keessatti barattoonni mata duree waa'ee *Afrikaa Keessa Jiraannu* jedhu barachuun isaanii ni yaadatama. Boqonnaa kana keessatti ammoo waa'ee *Caasaa Baqqaana Lafaa* baratu. Qabxiileen gurguddoon boqonnaa kana keessatti argaman kaartaa irraa odeeffannoo barbaaduu fi itti fayyadamuu, Baqqaanota lafaa, Gosootaa fi akkaataa uumama kattaalee fa'a.

Barnoota boqonnaa kanaa keessaa sadarakaan ga'umsa barnootaa inni xiqqaan barattoota irraa eegamu maalummaa kaartaa ibsuu, kaartaa irraa odeeffannoo barbaaduu fi itti fayyadamuu danda'uu, wixinee kaartaa hojjachuu fi kallattiiwwan qabxiilee kaartaa irratti agarsiisuudha. Baqqaanota (walirroo) lafaa ibsuu, Wantoota gurguddoo irri lafaa irraa hojjatame ibsuu fi ardiilee fi qaamman bishaana'oo tarreessuu, gosootaa fi akkaataa uumama kattaalee ibsuu fi faayidaa kattaalee guddina misooma dinagdee keessatti qaban ibsuu dadna'uu fa'a.

2.1. KAARTAA IRRAA ODEEFFANNOO BARBAADUU FI ITTI FAYYADAMUU (WAYITII 6)

Ga'umsa Barachuu Isa xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kanaa booda barattoonni:

- Maalummaa kaartaa ni ibsu.

- Itti fayyadama kaartaa ni shaakalu.
- Wixinee kaartaa Afrikaa kaasuun odeeffannoowwan handaara kaartaa ni kaa’u.

Qophii Duraa

Barnoota mata duree kanaa ittiin barsiisuuf meeshaaleen deeggarsa barnootaa barbaachisan:

- Barreeffamoota waa’ee maalummaa kaartaa ibsan sirriitti dubbisuu fi barreeffama waa’ee kaartaa kitaaba barataa keessa jiru hubachuu.
- Kaartaa Afrikaa kan biyyoota Afrikaa halluuwwan adda addaa qabanii qopheeffachuu.
- Wixnee kaartaa Afrikaa hojjachuun barattoonni irraa ilaaluun akka hojjachuu danda’an daree keessatti akka argan fannisuu.
- Kaartaa Afrikaa kan magaalota gurguddoo Afrikaa agarsiisu qopheeffachuu.
- Barattoota daree garee gareetti qooduun akka wixinee kaartaa Afrikaa qopheessuun mallattoowwan odeeffannoo waa’ee kaartichaa ibsan wajjiin akka qopheessan taasisuu.

Mala Baruu-Barsiisuu

Barnoota mata duree kanaa maloota adda addaatti fayyadamuun kennuun ni danda’ama. Isaanis, mala ibsaa, gaaffii fi deebii, marii, agarsiisaa fi piroojektii fa’a ta’uu danda’u. Haa ta’u malee, maloonni baruu barsiisuu kan barattoota barnootaa isaaniitiif sissi’eessan filachuun murteessaadha.

Maalummaan kaartaa wayitii ibsamu jechoonni ijoo ta’an:

- Haala salphaa, Gad xiqqeessuu,
- Samii irraa gad ilaalu fi
- Waraqaa diriiraa jedhaman sirriitti barattootaa ibsuu,
- Faayidaalee kaartaa: argama, fageenya baldhinaa fi kallattii
- Odeeffannoowwan handaara kaartaa gurguddoo: mata duree kaartaa,
- Bakkaa fi bara kaartichi itti hojjatame (maxxanfame)
- Mallattoowwanii fi fakkiwwan kaartaa irratti argaman
- Iskeelii kaartaa
- Kallattii kaaba agarsiisu

Akaakuuwwan Iskeelii:

- Iskeelii Firaakshinaa (I.F) yookiin Representatine Firaction (R.F)
- Iskeelii Himaa (I.H) yookiin Scale statement
- Iskeelii Sararaa (I.S) yookiin Graphic scale fa’a.

Madaallii

Barattoonni barnoota dhiyaateef kana hammam akka hubatan beekuuf hordoffiin wal irraa hin cinne godhamuu qaba.

Kunis barattoota ciccimoo saffisaan barachuu danda’an, barattoota jiddu galeeyyii fi barattoota suuta suutaan barachuu danda’aniidha. Dandeettii barattoota keessanii addaan baafachuun gargaarsa isaan barbaachisu kennuu qabdu. Fakkeenyaaf, gaaffiilee Kaartaan maali? Faayidaaleen kaartaa maal fa’a? fi kan kana fakkaatan gaafachuun hubannoo isaanii madaaluun mirkaneeffchuu qabdu.

Barattoonni hundinuu sadarkaa ga’umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamu argachuu qabu. Barattoota sadarkaa ga’umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu gad argataniif akka barattoota daree keessatti argamaniin wal gitan gargaarsi addaa godhamuufii qaba. Barattoota kanniiniif

sagantaa addaa qopheessuu, gochawwan yeroo boqonnaa isaanii hojjatan kennuu fi gargaaruu fa'a. Barattoonni sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa eegamuu olitti hojjatanii qabxii barbaadamuu ol argatan badhaafamuu fi bu'aa argatanitti boonuun akka of duuba hin deebine jajjabeessuun baay'ee barbaachisaadha.

DEEBII GOCHA 2.1

Gocha mirkaneeffannaa

1. Barattoonni qola burtukaanaa of eeggannoon burtukaana irraa baasuun akka waraqaatti diriisuu danda'uu ilaaluu fi rakkina isaan mudate barreessuun dhiyeessan irraa mirkaneeffachuu.
2. Iskeelii kaartaatti fayyadamuun wixinee kaartaa baldhana mooraa mana barnoota isaanii kaasuun wantoota gurugddoo kaafamaniif mallattoolee kennuu isaanii madaaluun mirkaneeffadha.

DEEBII GILGAALA 2.1

Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Kaartaan meeshaa qaama lafaa guutuu yookiin gartokkee bakka bu'uun akka haala salphaan hubatamuu danda'utti gad xiqqeeffamee akka waan samii irraa gad ilaalametti waraqaa diriiraa irratti kan kaafameedha.
2. Faayidaaleen kaartaa gurguddoon argama, fageenya, baldhinaa fi kallattii lafa irraa waraqaa irratti agarsisudha.
3. Iskeelii kaartaa jechuun mala fageenyi lafa irratti bakkeewwan lama jidduu jiru waraqaa (kaartaa) irratti dheerina tuqaalee lama jidduu jiruun bakka bu'ee ittin agarsiifamuudha.

4. Iskeelii kaartaa akaakuu sadiin kennama. Isaanis Iskeelii Firaakshinaa (I.F) Iskeelii Himaa (I.H) fi Iskeelii Sararaa (Giraafii) (I.S) fa'a.

5. Kallattiin karaa lamaan ibsama.

II. A.

- | | |
|-------------------|-------------------|
| (a) 1 cm = 8 km | (d) 1 cm = 20 km |
| (b) 1 cm = 0.6 km | (e) 1 cm = 0.1 km |
| (c) 1 cm = 0.4 km | (f) 1 cm = 30 km |

B.

- | | |
|-------------------|-------------------|
| (a) 1 : 400,000 | (d) 1 : 50,000 |
| (b) 1 : 25,000 | (e) 1 : 500,000 |
| (c) 1 : 1,000,000 | (f) 1 : 1,500,000 |

2.2. BAQQAANOTA LAFAA (WAYITII 4)

Ga'umsa Barachuu Isa xiqqaa

Barattoonni xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Baqaanota lafaa ni ibsu.
- Wantoota gurguddoo irri lafaa irraa hojjatame ni tarreessu.

Qophii Duraa

Barnoota mata duree kanaa osoo barsiisuu hin eegalin dura meeshaalee deeggarsa barnootaa kanniin akka killee (buuphaa) affeelamtee, sumuddan kattaalee (dhagoota akaakuu adda addaa) fi barreeffamoota waa'ee baqaanota lafaa ibsan irraa dubbisuun yaadannoo qopheeffachuu fi waa'ee baqaanota lafaa irratti kan kitaaba barataa keessatti barreeffame dursanii dubbisuu barbachisa.

Mala Baruu-Barsiisuu

Wa'ee barnoota mata duree kanaa irratti yaada kitaaba barataa keessatti barreeffame dursanii dubbisuu, maddoota biroo irraa odeeffannoowwanii fi ragaalee walitti qabachuu barbachisaa. Barattoonni waa'ee baqqaanota lafaa waan beekan yookiin dhagayan akka himan gaaffiilee qopheessuun gaafachuu, fakkeenyaaf, Baqqaana jechuun maali? Lafti baqqaanota meeqa qabdi? Kan jedhan fa'a gaafachuun akka yaada isaanii ibsan jajjabeesuun hordafuun barbachisaadha.

Madaallii

Barattoonni barnoota mata duree kanaa hammam akka hubatan mirkaneefachuuf gaaffiilee lafti qaama (bakka) meeqatti qoodamti? Dachee jechuun maali? Baqqaana lafaa jechuun maali? Elemeentonnii lafti irraa uumamte maal fa'a? Baqqaanoonni lafaa sadaan maal fa'a? kan jedhan fa'a gaafachuun hubannoo isaanii mirkaneeffachuu barbaachisa. Kunis, maalummaa baqqaanota lafaa ibsuu, wantoota irra lafaa irraa hojjatamee fi ardiilee (qaamman dachee) fi qaamman bishaanii hoo'aa addaan bafachuun ibsuu danda'uu qabu.

Barattoonni hundinuu sadarkaa ga'umsa barnoota isa xiqqaa irraa barbaadamu argachuu qabu. Barattoota sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu gad akka barattoota daree keessatii walgitan argataniif gargaarsi addaa godhamuufii qaba. Barattoota kanniiniif sagantaa addaa qopheessuu, gochawwan yeroo boqonnaa isaanii hojjatan kennuu fi gargaaruu fa'a. Barattoonni sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa eegamuu olitti hojjatanii qabxii barbaadamuu ol argatan badhaafamuu fi bu'aa argatanitti boonuun akka of duuba hin deebine jajjabeessuun baay'ee barbaachisaadha.

DEEBII GOCHA 2.2

Gocha mirkaneeffannaa

- I. Barattoonni yaalii killee yookiin buuphaa affeelame bakka lama wal qixa ta'etti muruun haala baqqaanota (wal irroo) lafaa hubachuf hojjatan hordofuun hubannoo isaanii madaaluu
- II. Barattoonni daree kanaa barnoota Hawaasaa kutaa 7 baratan hundi sumuda dhagaa fadanii irratti mari'achuun akka gosaan addaan baasanii ramadan gargaaraa.

DEEBII GILGAALA 2.2

Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Lafti baqqaanota sadi qabdi
2. Kiiloomeetira 3450

3. Irra lafaa (crust), Keessa lafaa (mantle) fi Handhuura lafaa (core) fa'a.

2.3. GOSOOTAA FI AKKAATAA UUMAMA KATTAALEE (WAYITII 2)

Ga'umsa Barachuu Isa xiqqaa

Barattoonni xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Gosootaa fi akkaataa uumama kattaalee ni ibsu.
- Faayidaa kattaalee misooma dinagdee keessatti qaban ni ibsu.
- Guddina misooma dinagdee Itoophiyaa keessatti faayidaa kattaalee qaban ni ibsu.

Qophii Duraa

Barnooto mata duree kanaa osoo barsiisuu hin eegalin dura meeshaalee deeggarsa barnootaa kan akka sumuddan dhagoota adda addaa walitti qabachuu, fakkii haallan teessuma lafa naannoo isaanii muldhisu qopheeffachuu fi kaartaa Itoophiyaa kan haala facaatii gosoota kattaalee agarsiisu qopheeffachuu fi barreeffamoota waa'ee gosaa fi haala uumama kattaalee ibsan dursanii dubbisuu fi odeeffannoo argatan barreeffamaan qabachuun qophii godhuu danda'uu fa'a.

Mala Baruu-Barsiisuu

Waa'ee barnoota mata duree kanaa irratti yaada kitaaba barataa keessatti barreeffame dubbisuu fi yaaddan barreeffamoota adda addaa irraa argaman walitti qindeeffachuun barbaachisaadha.

Barattoonni waa'ee gosootaa fi haala uumama kattaalee waan beekan akka himan gaafachuu fi barattoonni akaakuuwwan dhagoota naannoo isaanitti argaman sumuda akka fidan godhuun deebii isaan kennan hordofuu fi yaada sirrii ta'e kennuufii barbaachisa.

Madaallii

Barattoonni barnoota mata duree kanaa hammam akka hubatan beekuuf gaaffiilee akka lafti erga uumamtee waggaa meeqa ta'a jedhamee tilmaamama? Humnoonni qaama lafaa jijjiiran bakka meeqatti qoodamu? Jijjiirama fiizikaalaa jechuun maali? Gosoonni kattaaleeii bakka meeqatti qoodamu? Kanniin jedhanii fi kanniin biroos gaafachuun hubannoo barattootaa mirkaneeffachuu qabdu. Mata duraa kana keessatti barattoonni waa'ee gosootaa fi akkaataa uumama kattaalee ibsuu fi faayidaa kattaaleen misooma dinagdee keessatti qaban, keessattuu gahee kattaalee misooma dinagdee Itoophiyaatiif gumaachuu danda'an ibsuu danda'uu qabu.

Barattoonni hundinuu sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamu argachuu qabu. Barattoota sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu gad argataniif akka barattoota daree keessatti argamaniin walgitan gargaarsi addaa godhamuufii qaba. Barattoota kanniiniif sagatnaa addaa qopheessuu, gochawwan yeroo boqonnaa isaanii hojjatan kennuu fi gargaaruu fa'a. Barattoonni sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa eegamuu olitti hojjatanii qabxii barbaadamuu ol argatan badhaafamuu fi bu'aa argatanitti boonuun akka of duuba hin deebine jajjabeessuun baay'ee barbaachisaadha.

DEEBII GOCHA 2.3

Gocha mirkaneeffannaa

1. Tokkoon tokkoon barattootaa kaartaa Itoophiyaa irraa naannoolee Dhagaa baq-qorrii, Dhagaa kuus-maansaa fi Dhagaa jijjiiraa itti argaman agarsiisuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.
2. Akaakuu dhagoota naannoo isaanii keessaa sumuda funaanuun fidan dhagoota jajjaboo fi lallaafuu wal bira qabuun addaan baafachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

DEEBII GILGAALA 2.3

Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Gosoonni Dhagaa kuus-maansaa Saandistoonii, Kattaa boba'aa fi Dhagaa booralee fa'a.
2. Humnoonni irra lafaa jijjiiran bakka lamatti qoodamu.

- Isaanis, Humnoota keessa lafaa fi Humnoota irra lafaa jedhamu.
3. Kattaalee Dhagaa baq-qorrii meeshaalee gosoota ijaarsa adda addaa, meeshaa dheedhii warshaa fi ijaarsa daandii fa'aaf oolu.

Kutaa I: Deebii Gaaffiilee Dhugaa yookiin Soba

- | | | |
|------------|-----------|-----------|
| 1. Dhugaa | 2. Soba | 3. Dhugaa |
| 4. Soba | 5. Soba | 6. Soba |
| 7. Soba | 8. Dhugaa | 9. Dhugaa |
| 10. Dhugaa | | |

Kutaa II: Deebii Gaaffiilee Walitti firoomsuu

- | | | |
|------|------|------|
| 1. B | 2. E | 3. C |
| 4. D | 5. A | |

Kutaa III: Deebii Gaaffiilee Filannoo

- | | | |
|------|------|------|
| 1. B | 2. C | 3. A |
| 4. C | 5. C | |

Kutaa IV: Deebii Gaaffiilee Gabaabaa

- | | |
|---------------------------------------------------|------------------------------|
| 1. A. Argama,
C. Baldhinaa, | B. Fageenya,
D. Kallattii |
| 2. A. Irra lafaa,
C. Handhuura lafaa | B. Keessa lafaa, |
| 3. Maagmaa | |
| 4. Saandistoonii | |
| 5. A. Dhagaa baq-qorrii,
C. Dhagaa jijjiiramaa | B. Dhagaa kuus-maarsaa, |

Sirna Ikkoo fi Rakkoolee Isaa

(Wayitii: 16)

BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA

Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda barattoonni:

- Afrikaa keessatti wantoota faca'iinsa, faayidaa fi haallan gurguddoo biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa murteessan ni hubatu.
- Argamaa fi rakkoolee qabeenya bishaan dhugaatii mudachuu danda'an ni hubatu.
- Maloota kunuunsa qabeenya uumamaatiif oolan mirkaneeffachuu ni danda'u.

Qabxiwwan Ijoo

Barattoonni barsiiftan barnoota boqonnaa tokkoffaa keessatti waa'ee baldhina, danaa fi argama Afrikaa, sararran Dagalee fi Gadee, Boqonnaa lammaffaa keessatti ammoo waa'ee Kaartaa irraa odeeffannoo barbaaduu fi itti fayyadamuu, baqqaanota lafaa fi gosootaa fi akkaataa uumama kattaalee baratanii jiru. Boqonnaa sadaffaa kana keessatti ammoo waa'ee Sirna Ikkoo fi Rakkoolee isaa, Biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa, bishaan, biyyee fi qilleensaa fi kunuunsa qabeenya uumamaa fi tarkaanfiiwwan fudhatamuu qabanii baldhinaan barataniiru.

Barnoota boqonnaa kanaa keessaa sadarkaan ga'umsa barnoota inni xiqqaan barattoota irraa barbaadamu yookiin eegamu biqiltoota uumamaa Afrikaa addaan baafachuu, bineensota bosonaa gurguddoo Afrikaa addaan baafachuu, kaartaa Afrikaa irratti naannoolee faca'iinsa biqiltoota uumamaa agarsiisuu danda'uu, hariiroo biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa jidduu jiru xiinxaluu danda'uu, faayidaa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa Afrikaa ibsuu, sababban gurguddoo dhala namaatiin biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti dhiibbaa geessisan tarreessuu danda'uu, sababban uumamaa gurguddoo dhiibbaa biqiltoota fi bineensota bosonaa irraan gahan ibsuu, hariiroo dhala namaatii fi bishaan jidduu jiru, argamaa fi hanqina bishaan dhugaatii qulqulluu Afrikaatti muldhatu wal bira qabuun ibsuu danda'uu, sodaa badiinsa qabeenya bishaan dhugaatii Afrikaa kan gara fuulduraa tilmaamuu danda'uu, sababban sodaa badiinsa bishaanii fi biyyee Afrikaa ibsuu danda'uu, kunuunsi biqiltoota uumamaatiif godhamu kan qabeenya birootiif godhamu wajjin kan walitti hidhamu ta'uu isaa hubachuu danda'uu, akkaataa ittisa faalama qilleensaa fi bishaanii irratti ibsa kennuu fi itti fayyadamaa fi eegumsa bishaan qulqulluu mana isaanii irratti fedhii yookiin dandeettii horachuu fa'a.

3.1. BIQILTOOTA UUMAMAA, BINEENSOTA BOSONAA BEEKAMOO FI BARBAACHISUMMAA ISAANII (WAYITII 6)

Ga'umsa Barachuu Isa xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kanaa booda barattoonni:

- Naannoolee biqiltoonni uumamaa Afrikaa itti argaman kaartaa Afrikaa irratti ni agarsiisu.
- Bineensota bosonaa Afrikaa addaan baasuun ni himu.
- Faca'iinsa bineensota bosonaa naannoo uumamaa wajjin wal bira qabuun ni ibsu.
- Biqiltoonni fi bineeldonni qaama Sirna Ikkoo ta'uu isaanii ni ibsu.
- Maandheen yookiin bakki jireenya bineensota bosonaa yoo jalaa manca'e yookiin barbadaa'e bineensonni kan badan ta'uu isaanii ni ibsu.
- Dhibbaa namaatiin wantoota bineensota bosonaa irraan miidhaa geessisan ni tarreessu.
- Jijjiirama qilleensa baramaa hambisuuf hojjachuu kan danda'an ta'uu isaanii hojiin ni agarsiisu.

Qophii Duraa

Barnoota mata duree kanaa barsiisuuf meeshaaleen deeggarsa barnootaaf barbaachisan:

- Kaartaa Afrikaa kan gosaa fi faca'iinsa biqiltoota uumamaa agarsiisuu qopheeffachuu.
- Kaartaa Afrikaa kan faca'iinsa bineensota bosonaa gurguddoo Afrikaa agarsiisu qopheeffachuu.
- Barreeffama kitaaba barataa keessatti waa'ee biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti dhiyaate dursaan dubbisuu.
- Fakkii bineensota bosonaa fuula lafaa irraa badaa jiran agarsiisu qopheeffachuu.
- Faayidaa biqiltoonni uumamaa fi bineensonni bosonaa qo'annaa guddina saayinsii fi dinagdee keessatti qaban barreeffamoota yookiin kitaabilee adda addaa irraa dubbisuu fi barreeffachuun qabxiilee ijoo ta'an qopheeffachuu.
- Ragaa yookiin odeeffannoowwan haala saffisaatiin biqiltoonni uumamaa fi bineensonni bosonaa itti argamanii fi badaa jiran ibsan maddoota yookiin barreeffamoota adda addaa irraa funaannachuun walitti qindeeffachuu.
- Hojii piroojektii barattoonni haala biqiltootaa uumamaa fi bineensota bosonaa naannoo isaanii keessatti argaman irratti hojjachuu danada'an qopheeffachuu fa'a.

Mala Baruu-Barsiisuu

Barnoota mata duree kanaa maloota adda addaatiin dhiyeessuun ni danda'ama. Maloonni kunniinis mala ibsaa, gaaffii fi deebii, marii, wal mormii agarsiisaa fi piroojektii fa'a ta'uu ni dnada'a. Haa ta'uu malee, maloonni baruu-barsiisuu filataman kunniin kan barattoota barnoota isaaniitiif sissi'eessan ta'uu isaanii mirkaneeffachuudha. Barnoonni mata duree kanaa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti kan xiyyeeffatudha. Kanaafuu, barattoonni qabxiwwan armaan gadii irratti hubannoo akka argatan irratti xiyyeeffachuun barnoota kennuu barbaachisa.

- Faca'iinsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa Afrikaa,
- Faayidaa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa,

- Gahee biqiltoonni uumamaa fi bineessonna bosonaa guddina saayinsiitii fi guddina dinagdeetiif qaban
- Haallan gurguddoo biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa to'atan (saffisaan baay'achuu lakkoofsa ummataatii fi babaldhina magaalotaa), hanqina hubannoo fi hiyyummaa, qilleensa baramaa, ibidda tasa bosona keessaa ka'uu fi badiitii sanyiiwwan lubbu-qabeeyyii adda addaati.

Madaallii

Barattoonni barnoota dhiyaateef kana hammam akka hubatan beekuuf hordoffiin wal irraa hin cinne godhamuu qaba. Gaaffiilee akka naannooleen biqiltoota uumamaa Afrikaa gurguddoon maalfa'a? Bosonni heddumataan maaliif Naannoolee gammoojjii Afrikaa keessatti hin argamne? Faayidaan biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa maal fa'a? Kan jedhanii fi kan kana fakkaatan gaafachuun hubannoo isaanii mirkaneeffachuun barbaachisaadha.

Barattoonni daree keessatti argaman bakka saditti akka qoodaman ni beekama. Kunis barattoota ciccimoo saffisaan barachuu danda'an, barattoota jiddu galeeyyii fi barattoota suuta suutaan barachuu danda'aniidha. Barsiisaan/tuun dandeettii barattoota isaanii addaan baafachuun gargaarsa isaaniif barbaachisu kennuufii qabdu.

Barattoonni hundinuu sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamu argachuu qabu. Barattoota sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu gad argataniif akka barattoota daree isaani wajjiin wal gituu danda'aniif gargaarsi addaa godhamuufii qaba. Barattoota kanniiniif sagantaa addaa qopheessuu, gochawwan yeroo boqonnaa isaanii hojjatan kennuu fi gargaaruu fa'a. Barattoonni sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu olitti hojjatanii qabxii barbaadamuu ol argatan badhaafamuu fi bu'aa argatanitti boonuun akka of duuba hin deebine jajjabeessuun baay'ee barbaachisaadha.

DEEBII GOCHA 3.1

Gocha mirkaneeffannaa

1. Wixineen kaartaa Afrikaa kan faca'iinsa naannoolee biqiltoota uumamaa agarsiisu kan halluuwwan adda addaa dibuun barattoonni qopheessanii fidan ilaaluun hubannoo fi dandeettii isaanii madaalaa.

DEEBII GILGAALA 3.1

Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. (a) Tempireechara naannoo tokkoo fi.
(b) Hamma jiidhiinsa biyyee naannoo keessatti argamuu fa'a.
2. Afrikaa keessatti bosonni roobaa irra caalaatti naannoo Mudhii lafaa Qorii Koongoo keessatti argama.
3. Paarki savaanaan naannoo bosona roobaa Mudhii lafaatii fi naannoo savaanaa dhugaa jedhamu jidduutti argama.
4. Gammoojjiiwwan gurguddoon Afrikaa keessatti argaman Sahaaraa, Kalahaarii fi Naamib fa'a.
5. Biyyoonni naannoo Kaaba Afrikaa qilleensa Meediteraaniyaa qaban Moorookoo, Aljeeriyaa, Liibiyaa, Tuuniziyaa fi Misra (Ijptii).

3.2. BISHAAN, BIYYEE FI QILLEENSA (WAYITII 4)

Ga'umsa Barachuu Isa xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kanaa booda barattoonni:

- Hariiroo namaa fi bishaan jidduu jiru ni ibsu.
- Afrikaatti gahumsaan argamuu fi hanqina bishaani dhugaatii jiru wal bira qabuun ni ibsu.
- Sodaa badiinsa bishaaniitii fi sababban badiinsa bishaan dhugaatii Afrikaa keessatti mudachuu danda'u ni ibsu.
- Sababban badiinsa qabeenya biyyee Afrikaa addaan ni baafatu.
- Sababban faalama qilleensa magaalotaa maal fa'a akka ta'an ni tarreessu.

Qophii Duraa

Barnoota mata duree kanaa barsiisuuf meeshaaleen deeggarsa barnootaa barbaachisan:

- Kaartaa Afrikaa kan faca'iinsa qaamman bishaana'oo Afrikaa agarsiisuu qopheeffachuu.
- Ragaalee yookiin odeeffannoowwan waa'ee Afrikaa keessatti bishaan haala gahaa ta'een argamuu fi hanqinni bishaan dhugaatii jiraachuu ibsan barreeffamoota adda adda irraa walitti funaanuun qindeeffachuu.
- Barreeffama kitaaba barataa keessatti argamu dursaan dubbisuun hubachuu.
- Kaartaa Afrikaa kan faca'iinsa biqitoota uumamaa, biyyee fi qilleensa baramaa agarsiisuu qopheeffachuu.

Mala Baruu-Barsiisuu

Barnoota mata duree kanaa maloota adda addaatiin dhiyeessuun ni danda'ama. Isaanis, mala ibsaa, gaaffii fi deebii, marii, wal mormii, agarsiisaa fi piroojektii fa'a. Haa ta'u malee, maloonni baruu-barsiisuu filataman kunniin kan barattoota barnoota isaaniitiif sissi'eessan ta'uu isaanii mirkaneeffachuudha.

Barnoonni mata duree kanaa hariiroo namaa fi bishaan jidduu jiru, Afrikaatti gahumsaan argamuu fi hanqina bishaan dhugaatii jiru wal bira qabuun ilaaluu, sodaa badiitii bishaanii fi sababban badiinsa bishaanii fi badiinsa biyyee Afrikaa fi sababbaan faalama qilleensa magaalootaa irratti waan xiyyeeffatuuf barattoonni sirriitti hubachuu isaanii mirkaneeffachuu barbaachisa.

Madaallii

Barattoonni barnoota dhiyaateef kana hammam akka hubatan beekuuf hordoffiin wal irraa hin cinne godhamuu qaba. Gaaffiilee akka, Walitti dhufeenyi namaa fi bishaan jidduu jiru maali? Faayidaan bishaanii maal fa'a? Afrikaa keessatti faca'iinsi bishaan dhugaatii naannoolee hundatti wal qixa jettee yaaddaa? Kan jedhanii fi kanniin biroo gafachuun hubannoo barattootaa madaaluun barbaachisaa dha.

Dandeettii barattoota keetii addaan bafachuun gargaarsa isaaniif barbaachisu kenni. Barattoonni hundinuu sadarkaa ga'umsa barnootaa isaa xiqqaa irraa barbaadamu argachuu qabu.

Barattootaa sadarkaa gah'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbadamuu gad argataniif akka barattoota daree keessatti argamaniin wal gituu danda'an gargaarsi addaa godhamuufii qaba. Barattoota kanniiniif sagantaa addaa qopheessuu, gochawwaan yeroo boqonnaa hojjatan kennuu fi gargaaruu fa'a. Barattoonni

sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbadamuu olitti hojjatanii qabxii barbaadamuu ol argatan badhaafamuu fi bu'aa argatanitti boonuun akka of duuba hin deebine jajjabeessuun baay'ee barbaachisaadha.

DEEBII GOCHA 3.2

Gocha mirkaneeffannaa

1. Gabaasa barattoonni waa'ee dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa biqiltoota, biyyee, qilleensa baramaa fi naannoo uumamaa irratti fidu irratti ogeeyyii dhimmi ilaalu gaafachuun qopheessanii dhiyeessan ilaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

DEEBII GILGAALA 3.2

Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Elemeentoonni qilleensa baramaa gurguddoon tempireechara, rooba, bubbee fi dhiibbaa qilleesnaati.
2. (a) Madda faaltota ka'umsi isaanii beekamee fi
(b) Madda faaltota ka'umsi isaanii hin beekamneedha.
3. Bishaan Garbawwan gurguddoo, galaanota, harawwan, laggeenii fi keessa dacheetti argama.
4. Bishaan Garbawwan gurguddoo fi galaanotaa baay'inaan sooggidda waan qabuuf dhugaatiif hin oolu.
5. Dhibeewwan sababa qulqulina dhabiinsa bishaaniitiin dhufan baasaa (garaa kaasaa), koleeraa fi taayifooyidii fa'a.

3.3. KUNUUNSA QABEENYAA UUMAMAATII FI TARKAANFIIWWAN FUDHATAMUU QABAN (WAYITII 6)

Ga'umsa Barachuu Isa xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kanaan booda barattoonni:

- Kunuunsi biqiltoota uumamaatiif godhamu kunuunsa qabeenya uumamaa birootiifis kan gargaaru ta'uu isaa ni ibsu.
- Akkaataa faalama qilleensaa fi bishaanii ittiin ittisan ni ibsu.
- Bishaan naannoo isaanitti argamu qulqullinaan ittiin fayyadamuuf fedhii yookiin dandeettii ni horatu.

Qophii Duraa

Barnoota mata duree kanaa barsiisuuf meeshaaleen deeggarsa barnootaa barbaachisan:

- Fakkiiwwan kunuunsa biqiltootaaf godhamuufii qabu agarsiisanii fi naannoo biqiltoonni irraa manca'an agarsiisan qopheeffachuu.
- Maloota faalama qilleensaa fi bishaanii ittiin ittifamuu danda'an barreeffamoota adda addaa keessaa dubbisuu fi qindeeffachuun qabachuu.
- Haala bishaan naannoo isaanitti qulqullinaan itti fayyadamuu danda'an irratti barattoonni akka gabaasa dhiyeessan hojii piroojektii qopheessuun kennuu fa'a.

Mala Baruu-Barsiisuu

Barnoota mata duree kanaa maloota adda addaatiin kennuun ni danda'ama. Isaanis, mala ibsaa, gaaffii fi deebii, marii, wal mormii, agarsiisa, hojii garee fi piroojektii fa'a. Haa ta'uu malee maloonna baruu-barsiisuuf filataman kunniin kan barattoota barnoota isaaniitiif sissii'eessan ta'uu isaanii, mirkaneeffachuu barbaachisa.

Barnoonni mata duree kanaa waa'ee kunuunsi biqiltootaa uumamaatiif godhamu kan qabeenyota birootiifis gargaaru ta'uu isaa, akkaataa faalama qilleessaa fi bishaanii ittiin to'atanii fi barattoonni bishaan naannoo isaaniitti argamu qulqullinaan itti fayyadamu fedhii fi dandeettii horachuu qaban irratti waan xiyyeeffatuuf barattoonni akka sirriitti hubatan xiyyeeffannaan kennamuufii qaba.

Madaallii

Barattoonni barnoota dhiyaateef keessaa hammam akka hubatan beekuuf hordoffiin wal irraa hin cinne godhamuufii qaba. Gaaffiilee akka, Kunuunsi biqiltoota uumamaatiif godhamu akkamitti qabeenya biyyeetiif gargaara? Maloota faalama qilleensaa fi bishaanii ittiin ittisan tarreessuu dandeessaa? Kan jedhanii fi kan kanniin fakkaataan gaafachuun barattoonni sirriitti hubachuu isaanii mirkaneeffachuudha.

Barattoonni daree keessatti argaman bakka saditti akka qoodaman ni beekama. Isaanis, barattoota saffisaan barachuu danda'an, barattoota jiddu-galeeyyii fi barattoota suuta suutaan barataniidha. Dandeettii barattoota kessanii addaan baafachuun gargaarsa isaaniif barbaachisu kennuufii qabdu. Barattoonni hundinuu sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamu argachuu qabu.

Barattoota sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu gad argataniif akka barattoota daree keessatti argamaniin wal gituu danda'an gargaarsi addaa godhamuufii qaba. Barattoota kanniiniif sagantaa addaa qopheessuu, gochawwan yeroo boqonnaa isaanii hojjatan kennuu fi gargaaruu fa'a. Barattoota sadarkaa ga'umsa barnootaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu olitti hojjachuun qabxii barbaadamuu ol argatan badhaafamuu fi bu'aa argatanitti boonuun akka of duuba hin deebine jajjabeessuun baay'ee barbaachisaadha.

DEEBII GOCHA 3.3

Gocha mirkaneeffannaa

1. Barattoonni sochii hawaasni naannoo isaanii kunuunsa bosonaa, bineensota bosonaa fi bishaanii irratti taasisaa jiru gareen ijaaramanii gara dirreetti kallatti adda addaatiin bahanii hojii raawwatame ilaaluun, namoota kunuunsa kana irratti hirmaatanii fi ogeessa qabeenya uumamaa ganda irra jiru gaafatanii odeeffannoo argatan irratti hundaa'anii akka gabaasa qopheessanii dhiyeessan taasisuun madaalaa.

DEEBII GILGAALA 3.3

Deebii Dhugaa yookiin Soba

- | | | | |
|---------|-----------|-----------|-----------|
| 1. Soba | 2. Dhugaa | 5. Dhugaa | 6. Dhugaa |
| 3. Soba | 4. Dhugaa | 7. Dhugaa | 8. Dhugaa |
| | | 9. Dhugaa | 10. Soba |

Kutaa I: Deebii Gaaffiilee Dhugaa yookiin Soba

- | | | |
|------------|-----------|-----------|
| 1. Dhugaa | 2. Dhugaa | 3. Soba |
| 4. Soba | 5. Soba | 6. Dhugaa |
| 7. Dhugaa | 8. Dhugaa | 9. Soba |
| 10. Dhugaa | | |

Kutaa II: Deebii Gaaffiilee Walitti firoomsuu

- | | | |
|------|------|------|
| 1. D | 2. C | 3. E |
| 4. B | 5. A | |

Kutaa III: Deebii Gaaffiilee Filannoo

- | | | |
|------|------|------|
| 1. C | 2. A | 3. C |
| 4. C | 5. A | |

Kutaa IV: Deebii Gaaffiilee Gabaabaa

1. Taanzaaniyaa, Keeniyaa, Ugaandaa fi Itoophiyaa
2. A. Madda faaltota ka'umsi isaanii beekamee (point source pollution)
B. Madda faaltota (pollutants) ka'umsi isaanii hin beekamee (non point source pollution)
3. A. Madaala naannoo uumamaa eegguuf
B. Madda waan nyaataa waan ta'aniif
C. Bareedinaa fi midhaagina naannootiif
D. Qo'annoo saayinsii fi barnootaaf
4. Waqtii gannaa oo'a guddaa fi gogaa fi waqtii bonaa jiidhaa fi qabbanaa'aa ta'uu isaati.
5. A. Bosona roobaa naannoo Mudhii lafaa.
B. Biqiltoota naannoo savaanaa.
C. Biqiltoota naannoo gammoojjii oo'aa fi gammoojjii fakii (semi-desert).
D. Biqiltoota naannoo Meediteraaniyaa fi
E. Biqiltoota naannoolee lafa baddaa fa'a.

Ajandaa Ummataa

(Wayitii: 20)

BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA

Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda:

- Dhiibbaa HIV/Eedsiin hawaas-dinagdee Afrikaa irraan gahe ni ibsu,
- Dhiibbaa saffisaan baay'achuun ummataa Afrikaatti fide ni xiinxalu,
- Haallan dhabiinsa bulchiinsa gaariitiin Afrikaa keessatti mul'atan ni ibsu,
- Kaayyolee dhaabbilee Afrikaa nannoolee adda addaa addaan ni baasu.

Qabxiwwan Ijoo

Kutaalee dabran keessatti barattoonni dhimmoota hawaasummaa adda addaa barachuun isaanii ni beekama. Boqonnaa kana keessattis dhimmoonni kunniin gad faqeenyaan xiinxalamaniiru. Isaan kun HIV/Eedsii fi dhiibbaa isaa, dhimmoota mirgaa fi nageenyaa kanneen akka mirga daa'immanii fi bulchinsa gaariiti. Dhuma irrattis waa'ee dhaabbilee naannoolee adda addaa fi sadarkaa Afrikaa irratti xiyyeeffannaan godhameera. Kanaafuu, qophiinis haaluma kana irratti xiyyeeffachuu qabadu.

4.1. DHIMMOOTA UMMATAAN WALQABATAN (WAYITII 7)

Ga'umsa Barachuu Isa xiqqaa

Barattoonni kutaa kana erga xumuranii booda:

- Afrikaa keessatti babal'na HIV/Eedsii ni ibsu,
- Dhiibbaa dhibeen kun hawaas-dinagdee Afrikaa irraan gahu ni ibsu,
- Dhiibbaa saffisaan baay'achuun ummataa Afiikaa irraan gahe ni xiinxalu.

A. Babal'inaa fi Dhiibbaa HIV/Eedsiin Ummata Afrikaa irraan Geessisu

Qophii Duraa

Osoo gara barsiisuutti hin seenin dura mata-duree kana sirriitti dubbistanii hubachuu keessan mirkaneeffadhaa. HIV/Eedsiin maal akka ta'e addaan baasaatii sirriitti hubadhaa. HIV/Eedsiin karaa

maalii akka daddabruu fi Afrikaa keessatti sadarkaa inni irra jiru beekaa. Akkasumas, dhiibbaa inni karaa adda addaa ummatoota Afrikaa irraan gahaa jiru gadi fageenyaan dubbisaa hubadhaa. Qophiin keessan kana irratti xiyyeeffachuu isaa mirkaneeffadhaa.

Mala Baruu-Barsiisuu

Hunda dura mata duree kana sirriitti barsiisuudhaaf gad fageenyaan dubbisaa. Odeeffannoo dabalataa kallattii adda addaa irraa argachuuf yaalaa. Barattoonni isin barsiiftan tokko tokko maatiiwwan dhibee kanaan dhibamaa jiran irraa kan dhufan waan ta'uu danda'uuf, barnoota kana of eeggannoodhaan dhiyeessuutu isin irraa eegama. Mata duree kanatti seenuudhaaf waa'ee dhibee kanaa maal akka beekan barattoota gaafadhaa.

Barnoota yammuu qopheessitan ta'e, yammuu dhiyeessitun qabxilee armaan gadii irratti xiyyeeffadhaa:

- Babal'ina HIV/Eedsii Afrikaa keessatti,
- Sababban gurguddoo dhibeen kun ittiin daddabru,
- Miidhaa inni karaa dinagdee, hawaasummaa fi karaa adda addaatiin fidee fi kkf. Sababa du'a lubbuu namaatiin omishtummaan kufuu; kun ammoo hanqina midhaan nyaataa fiduu isaa irrayyuu misoom biyyaa ni gufachiisa. Kan dhukkubsatan wal'aanuufis baasii guddaa ni gaafata. Dhibee kun maatii bittinneessuudhaan rakkoo hawaasummaa guddaas ni fida.

Madaallii

Kutaa kana keessatti barattoonni wantoota naannoo isaanii irraa ka'uudhaan yaaddan adda addaa akka kennan jajjabeessaa. Gaaffiilee afaanii adda addaas gaafadhaa. Yaaddanii fi deebii isaaniif xiyyeeffannaa kennaa. Hojii daree fi gareellee kennaafi ittiin madaalaa.

B. Afrikaa Keessatti Dhibbaa Saffisaan Baay'achuun Ummataa Fidu

Ga'umsa Barachuu Isa xiqqaa

Barattoonni mata duree kana erga xumuranii booda:

- Dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa Afrikaa fide ni ibsu,
- Saffisaan guddachuun lakkoofsa uummataa Itiyoophiyaa hanqina lafa qonnaa fi tajaajila hawaasummaa kan geessisuu ta'uu isaa ni ibsu.

Qophii Duraa

Mata duree kana barsiisuuf osoo hin seenin dura, mata duree kana ilaalchisee kutaalee gadii keessatti qabxiilee barattoonni baratan yaadadhaa. Barattoonni qabxiilee gurguddoo akka isaan yaadatan mirkaneeffachuuf gaaffiilee tokko tokko gaafadhaa. Qabxilee kanaan walqabsiisuudhaan barnoota kana dhiibbaa saffisaan baay'achuun ummataa fidu gurguddoo irratti xiyyeeffachuudhaan dhiyeessaa.

Mala Baruu-Barsiisuu

Barattoota keessaa tokko yookiin lama kaasaatii dabaree dabareedhaan akka isaan dubbisan godhaa. Barattoonni biroo ammoo akka sirriitti dhaggeeffatan taasisaa. Kana boodas barattoonni dandeettiin isaanii gad aanaa ta'e yaada isaanii akka irratti kennan jajjabeessaa. Yoo kana gootan ofitti amanamummaa ni horatu; dandeettii isaaniis guddisuuf ni carraaqu.

Kana erga gootanii booda ardiwwan adda addaa walbira qabuudhaan hanga saffisaan guddachuu ummataa ni ibsitu; yaadannoo gaggabaabaas ni kennituuf.

Itti aansuudhaan ammoo dhiibbaa saffisaan guddachuun ummataa fidu irratti xiyyeeffachuudhaan barnoota keessan ni dhiyeessitu. Barnoonni kun haala mariitiin akka dhiyaatu godhaa. Kanaafis barattoota garee gareedhaan hiraatii mata dureewwan qoodaafii. Mata dureewwan akka armaan gadiitti osoo qoodamanii gaariidha:

- Nageenya maatii ilaalchisee
- Hanqina lafa qonnaa ilaalchisee
- Tajaajila hawaasumma ilaalchisee
- Guddina dinagdee ilaalchisee

Dhimmoota armaan olii irratti haalaan akka mari'atan jajjabeessaa. Marii isaaniis irra deemaa hordofaa (gargaaraa). Kana booda yeroo kennaafii akka isaan tokko tokkoon dhiyeessan godhaa. Marii keessattis ta'ee, dhiyeessa gabaasaa keessatti, miseensonni garee hundi bifa adda addaatiin akka qooda fudhatan taasisaa. Dhiyeessa gareewwanii tokko tokkoo boodaa fi akka waliigalaatti xumura dhiyeessichaa irratti cimsuu fi goolabuu hin dagatinaa.

Madaallii

Barattoonni keessan dammaqinaan akka hirmaatan kakaasaa. Hirmaannaa isaaniitiifis qabxii kenna. Kana malees, gilgaaloota kitaaba barataa keessatti kennametti fayyadamuudhaan barattoota dabalataan madaaluu dandeessu. Yeroo marii fi dhiyeessaa dammaqinaan hirmaannaa barattoota madaalaa. Akka isaan ittiin madaalamanis itti himaa.

DEEBII GOCHA 4.1

Gocha mirkaneeffannaa

1. Gaaffiilee sadan gocha kana jalatii tarreeffaman irratti barattoota mari'achiisaa. Qabxiilee marii kanaas walitti qabaa gudunfaa.

DEEBII GILGAALA 4.1

Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. • Oomisha kuffisa
 - Maatii diiga
 - Hanqina midhaan nyaataa fi kkf.
2. Lakkoofsi barattoota yeroo ammaa lakkoofsa barattoota waggaa kudhan dura ture ni caala. Kunis hanqina lecaloo, guddina dinagdee fi kkf irratti dhiibbaa fida.
3. Rakkoolee sababa saffisaan guddachuu ummataatiin uumaman kanneen manca'ina bosonaa, dhiqama biyyee, hanqina mana jireenyaa, hiyyummaa fi kkf.
4. Lafti dheedichaa gara lafa qonnaa fi bakka jireenyaatti waan jijjiiramuuf horiin bakka dheedichaa dhabuu. Kanaafuu, fayidaan horii irraa argamu ni xiqqaata.

4.2. DHIMMOOTA MIRGAA FI NAGEENYAA (WAYITII 6)

Sarbiinsa Mirga Daa'immanii Ittisuu fi Ibsitoota Dhabbiinsa Balchiinsa Gaarii Afrikaa.

Ga'umsa Barachuu Isa xiqqaa

Barattoonni kutaa kana barataniis erga xumuranii booda:

- Maalummaa labsiiwwan Dhaabbanni Mootummoota Walta'anii mirgoota daa'immanii ilaalchisee baase addaan ni baasu,
- Afrikaa keessatti ibsitoota dhabiinsa bulchiinsa gaarii ni eeru.
- Seeraawwan fi danbiiwwan manneen barnootaa akeeka barbaadamu galmaan ga'uuf kan fayyadan ta'uu isaanii addaan baasuun ni ibsu.
- Ibsiitota bulchiinsa gaarii ni ibsu.
- Hiikkaa itti gaafatamummaa, iftoominaa, seera kabajuu fi malanmaltummaa irraa bilisa ta'uu addaan ni baasu.

Qophii Duraa

Maddoota mirga daa'immanii ilaalchisee argaman kanneen akka dookumentoota Dhaabbata Mootummoota Walta'anii barbaadaa dubbisaa. Kana booda mirgoota daa'immanii addaan baasaa. Isaanis akka armaan gadiitti bakka gurguddoo sadiitti qoodamuu isaanii hubaddhaa. Akkasumas, dhabiinsa bulchiinsa gaariitiin wal qabatee dhimmota ka'uu danda'anis yaada ofii qopheessaa. Keessumattuu, ibsitoota dhabiinsa bulchiinsa gaarii kanneen akka malaammaltummaa fi waraana waliin waliinii sirriitti xiinxalaa.

- Akka mirgaatti kan uumamaan argachuu qaban (provision)
- Wantoota irraa eegamuu qaban (protection)
- Hirmaannaa isaanii (participation)

Daa'imman yoo maal ta'an mirgoonni isaanii kunneen sarbame akka jedhamu sirriitti erga hubattaniin booda barnoota keessan dhiyeessaa.

Mala Baruu-Barsiisuu

Duraan barattoonni waa'ee mirga daa'immanii waan isaan beekan gaafadhaa. Kitaaba barataa keessatti keeyyata isa jalqabaa akka dubbisuuf barataa tokko kaasaa. Sana boodas qabxiilee kanneen akka gad tarreessaniif carraa kennaafi. Akka fakkeenyaatti qabxiwwan armaan gadii tarreessuu isaanii mirkaneeffadhaa:

- Tajaajila fayyaa fi seera yakkaa umrii isaanii gituun tajaajilamuu,
- Sadarkaa isaaniitti dhimmoota hawaasaa keessatti qooda fudhachuu,
- Mirga dubbachuu,
- Mirga yaaduu,
- Soda irraa bilisa ta'uu,
- Waan barbaadan filachuu fi mirga murteessuu.

Kana booda gilgaala jalqabaa mata duree kana jala jiru gaafachuu ni dandeessu.

Itti aansaatii seerawwan addunyaa mirga daa'immanii deeggaran sirriitti hubadhaa. Isaanis kanneen armaan gadii ta'uu isaanii mirkaneeffadhaa:

Dhuma irrattis haallan waliigalaa daa'imman ittiin balaa irraa eegaman irratti xiyyeeffannoo kennaa. Kana boodas gilgaala lammaffaa mata duree kana jala jiru gaafachuu ni dandeessu.

Akka Dhabbatni Mootummoota Walta'aniitti bulchiinsi gaariin amaloota ykn ibsitoota armaan gadii kan qabu ta'uu isaa hin dagatinaa:

- Bulchiinsi gaariin kan *waliigaltee biyyoolessaa irratti hundaa'edha*.
- Bulchiinsi gaariin *hirmaachisaadha*.
- Bulchiinsi gaariin *olaantummaa seeraa* (seeraan buluu) kabachiisa.
- Bulchiinsi gaariin kan gahumsa qabuu fi *hojii irra ooluu* danda'udha.
- Bulchiinsi gaariin *itti gaafatamummaan* kan keessatti calaqqisudha.
- Bulchiinsi gaariin kan *iftoominni* keessatti mul'atudha.
- Bulchiinsi gaariin gaaffiin uummataa furmaataa fi *deebii gaarii* kan itti argatuudha.
- Bulchiinsi gaariin kan *walqixxummaan* fi *na ilaallataan* lammiilee keessatti calaqqisudha.

Dhabamuu bulchiinsa gaarii irraa kan ka'e rakkoolee ciccimoo adda addaatu uumama. Isaan kanneen keessaa rakkoolee akka malaammaltummaa fi waraana waliinii irratti xiyyeeffadhaa. Dhiibbaa isaan biyya irratti fidanis sirriitti barattoota hubachiisaa.

Madaallii

Hirmaannaa barattoota jajjabeessaa. Hirmaannaa isaaniitiifis qabxii kennaa. Barattoonni mirgoota daa'immanii akka isaan tarreessan godhaa. Kana malees, gigaalota mata duree kana jala jiran deebisiisuudhaan ittiin madaaluu dandeessu. Qabxiilee kanaafis xiyyaaffannaa kennaa.

DEEBII GOCHA 4.2

Gocha mirkaneeffannaa

Ofii keessan yookiin barattoota keessaa nama tokko kaasaatii kaartaa Afrikaa iskeechii taasaa yookiin gochisiisaa maqaa biyyoota miseensa ta'anii akka agarsiisan taasisaa.

DEEBII GILGAALA 4.2

Deebii Gaaffiilee Gagabaabaa

- Seera Mirgoota Daa'ima baraa 1923,
 - Walii galtee Dhimma Mirgoota Daa'ima Waldaa Mootummoota Walta'anii (CRC) baraa 1989 fi
 - Seera Ameerika
- Qaamota seeraa kanneen akka poolisiitti gabaa-suu.
- Qaamonni seeraa bu'aa adda aaddaa fudhachuun yakkamaa adabsiisuu,
- Sirna faaynaansii cimsuu,
 - Malaammaltoota saaxiluu,
 - Waa'ee dhiibbaa malaammaltummaa ummata bariisuu kkf.
- Mirga ummatoota wal qixa kabajuu dhiisuun, Leecaloo haala madaalameen fayyadamuu dhiisuu fi kkf,
- Lakkoofsa ummataatiin wal haa caalan malee bakka lameenituu hawaasumatu filata.

4.3. SAGANTAAWWAN DHAABBILEETTI HIRMAACHUU (WAYITII 4)

Ga'umsa Barachuu Isa xiqqaa

Barattoonni mata duree kana erga xumuranii booda:

- Dhaabbilee naannoolee Afrikaa adda addaa ni eeru,
- Kaayyolee dhaabbilee kanaa ni ibsu,
- Dhaabbanni Tokkummaa Afrikaa gara Gamtaa Afrikaatti ce'uu isaa ni ibsu.

Qophii Duraa

Hanga danda'ametti fotookoppii yookiin iskeechii kaartaa Afrikaa qopheessaa. Iskeechii kaartaa kana gabatee irratti kaasuudhaan naannoolee dhaabbiileen adda addaa kitaaba barataa irratti eeraman itti argaman addaan baasaa. Haaluma kanaan dhaabbileen akka Gabaa Walee Biyyoota Afrikaa Bahaa fi Kibbaa (Common Market for Eastern and Southern Africa, COMESA), Walta'iinsa Dingdee Biyyoota Dhiha Afriika (ECOWAS), Gamtaan Dinagdee fi Maallaqaa Dhiha Afrikaa fi Koreen Misoomaa Biyyoota Afrikaa Kibbaa (Southern African Development Community, SADC) naannoo kamiitti akka argaman addaan baafadhaa.

Mala Baruu-Barsiisuu

Barreeffama mata duree kana jala jiru barattoota wajjin dubbisaa. Qabxiilee ijoo mata duree jala jiraniif xiyyeeffannoo kennaafii. Fakkeenyaaf:

- Maqaalee dhaabbilee kanaa
 - Gabaa Walee Biyyoota Afrikaa Bahaa fi Kibbaa,
 - Walta'iinsa Dingdee Biyyoota Afriika Dhihaa,
 - Gamtaan Dinagdee fi Maallaqaa Afrikaa Dhihaa,
 - Koreen Misoomaa Biyyoota Afrikaa Kibbaa,
 - Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa
 - Gamtaa Afrikaa
- Kaayyolee dhaabbilee kanaa fi
- Bu'aa isaan hanga ammaatti buusan.

Mata duree kana barsiisuudhaaf kaartaan Afrikaa baay'ee barbaachisaa waan ta'eef kaartaa kana of harkaa hin dhabinaa.

Dhaabbilee Afrikaa adda addaa kanneen Dhaabbata Tokkummaa Afrikaatiin deeggaraman gurguddoo addaan baastanii beekuun isin irraa eegama. Isaan keessaas kanneen armaan gadiitu argama:

- Koomishiinii Diinagdee Afrikaa,
- Shariikummaa Haaraa Misooma Afrikaa (NEPAD),
- Baankii Misoomaa Afrikaa,
- Abbaa Taayitaa Misooma Qindoomina Gidduu Mootummootaa (IGAD),
- Wiirtuu/Jiddu-Galeessa Daldalaa Biyyoota Afrikaa Bahaa fi Kibbaa (PTA),
- Waldaa Dinagdee Biyyoota Afrikaa Giddu-Galaa,
- Waldaa Dinagdee Biyyoota Afrikaa Dhihaa fi
- Hawaasa Diinagdee Biyyoota Afrikaa Dhihaa

Dhaabbanni Tokkummaa Afrikaa fi Gamtaan Afrikaa kaayyoo isaanii hangam fiixaan akka baasan madda dabalataallee dubbisuudhaan sirriitti hubachuun barannoo keessaniif ofitti amanamummaadhaan akka dabarsitan waan isin fayyaduuf haala kanaan of qopheessaa.

Madaallii

Mata duree kana yammuu barsiiftan mallan adda addaatiin barattoota madaalaa. Kanneen keessaa akka kaartaa irratti eeruu, dubbisuu fi gaaffiilee adda addaatiif deebii kennuu ta'uu danda'a. Isaaniifis qabxii kennaa. Qabxichas galmeessaa ittiin barattota madaalaa. Dhuma mata duree kana irratti ammoo battallee kennaa.

DEEBII GILGAALA 4.3

Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Dhaabbanni Tokkummaa Afrikaa dhimma koo keessa galuudhaan qabsaa'ota Ispanish Sa-haaraa deeggare jechuudhaan.
2. Dhaabbilee hawaasummaa, dinagdee fi loltummaa maqaalee isaanii armaan olitti tarreeffaman adda addaa.
3. Liibiyaa

DEEBII GAFFIILEE XUMURA BOQONNAA 4

Kutaa I: Dhugaa yookiin Soba

1. Dhugaa
2. Soba
3. Dhugaa
4. Dhugaa

Kutaa II: Waalitti Firoomsuu

1. D
2. H
3. B
4. A
5. G

Kutaa III: Filannoo

1. C
2. D
3. D
4. D
5. D

1. Hubannoo gabbifachuu fi Beekumsa argachuuf

- Hammaa fi danaa ardii Afrikaa beekuu.
- Maqoota maatiiwwan Afaan gurguddoo Afrikaa beekuu.
- Misirii fi Kaarteeji wiirtuu qarooma Afrikaa durii ta'uu isaanii hubatuu.
- Bu'aa qorooma Misirii fi Kaarteeji durii beekuu.
- Bu'uura dinagdee biyyoota sirna koloniin duraa kanneen akka Maalii fi Funji hubatuu.
- Toora faca'iinsa ummata Afrikaa qayyabatuu.
- Sababoota gurguddoo faca'iinsaa fi haala jireenyaa ummataa irratti dhiibbaa uuman beekuu.
- Kaartaanmaal akka ta'ee fi hiikkaan sararran dalgee fi gadee sararran waltarree fi mariidiyaanotaan walbira qabani hubatuu.
- Baqqaanota lafaa beekuu.
- Wantoota irri lafaa irraa hojjatame qayyabachuu.
- Gosootaa fi uumama kattaalee beekuu.
- Faayidaa kattalleen misooma dinagdeetiif qaban hubatuu.
- Biqiloota uumamaa Afrikaa beekuu.
- Bineensota gurguddoo Afrikaa beekuu.
- Faca'iinsa biqiltoota uumamaa Afrikaa kaartaa irratti agarsiisuu.
- Walitti dhufeenya bineensotaa fi biqiltoota uumamaa beekuu.
- Dhiibbawwan gurguddoo dhala namaan bineensotaa fi biqiloota uumamaa irra gahan beekuu.
- Dhiibbaa ta'eewwan uumamaatiin biqiltoota uumamaa irra gahan qayyabatu.
- Faayidaa bishaan dhala namaatiif kennu beekuu
- Afrikaa keessa gahumsaa fi hanqina bishaan dhugaatii hangam akka ta'e beekuu.
- Kunuunsa biqiltoota uumamaa fi qabeenyaa uumamaa biroo qayyabachuu.
- Faalama qilleensaa fi bishaanii attamiin to'achuun akka danda'amu hubachuu.
- Afrikaa keessatti sodaa dhiqamni biyyee fidaa jiru hubatuu.
- Afrikaatti rakkoolee saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa fidu qayyabachuu.
- Ibsitoota dhabiinsa bulchiinsa gaarii Afrikaa keessatti muldhatan hubachuu.
- Dokumeentoota seeraa mirgoota daa'iimmanii deeggeran beekuu.
- Gochoota sarbiinsa mirgoota daa'iimmanii naannoo isaanii keesstti muldhatan beekuu.
- Gochaawwan miidhaa fidan addaan baafachuu.
- Dhaabbilee naannoowwan Afrikaa adda addaa keessatti dhaabbatan beekuu.
- Biyyoota miseensa dhaabbilee kanneenii beekuu.
- Hundeeffama Dhaabba Tokkummaa Afrikaa fi gara Gamtaa Afrikaatti jijjiiramuu isa qayyabachuu.

2. Ogummaa fi dandeettii horachuuf

- Kaartaa Afrikaa kaasuun odeeffannoowwan adda addaa agarsiisuu.
- Dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa naannoo isaanii irraan gahu irratti gabaasa barreessuu.
- Ibsitoota dhabiinsa bulchiinsa gaarii naannoo isaanii keessatti muldhatan irratti gabaasa gabaabaa qopheessuu.
- Tooftaa ittiin sarbiinsa mirgoota daa'immanii ittisan uummachuu.
- Ibsitoota gochoota miidhaa fidan tarreessuu ni danda'u.

3. Amalaa fi Ilaalcha isaanii gabbifachuuf

- Argannoo ummanni Zimbaabuwee sirna koloniin dura dandeettii ijaarsa gamoowwanii irratti qabu dinqisiifachuu.
- Gahee daldallii karaa dheeraa durii ummata Itoophiyaa walqunnamsiisuu keessatti taphate dinqisiifachuu.
- Faayidaa biqiltoonni uumamaa fi bineensonni bosonaa Afrikaa qaban mirkaneeffachuu.
- Qulqullina bishaanii eeguun itti fayyadamuu keessatti hirmaachuuf fedha horachuu.
- Dhaabbilee naannoowwan Afrikaa keessatti miseensa ta'an naannoo irratti xiyyeeffatan mirkaneeffachuu ni danda'u.

BOQONNAA 1

AFRIKAA KEESSA JIRAANNU (WAYITII 23)

Bu'aawwan Boqonnichaa: Barattoonni erga barnoota boqonnaa kanaa baratanii booda:

- Argamaa, beldhina, danaa fi maatii afaanota gurguddoo Afrikaa ni ibsu.
- Qaroomman gurguddoo durii fi biyyoota Afrikaa sirna koloniin duraa addaan ni baafatu.
- Sababoota faca 'iinsa, qubinsaa fi haala jireenyaa ummata Afrikaa irratti dhiibbaa fidan ni ibsu.

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<p>Barattoonn Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti:</p> <ul style="list-style-type: none"> • Hammaa fi danaa Afrikaa ardiwwan biroo waliin ni madaalu. • Argama Afrikaa addaan ni baafatu. 	<p>1.1. Argamaa, Baldhina fi Danaa Ardii Afrikaa (Wayitii 2)</p> <ul style="list-style-type: none"> • Argama Afrikaa 	<ul style="list-style-type: none"> • Kaartaa Fiizikaalaa Afrikaa dhiyeessuufiin barattoonni tartiibaan ka'anii odeeffannoo waa'ee Afrikaa kan beekan akka agarsiisan jajjabeessaa. Odeeffannoo argame irratti hundaa' uun hamma, danna fi argama Afrikaa irratti haa mari'atan. • Barattootaaf kaartaan biyyoota Afrikaa agarsiisu haa kennamuufi Barsiisaan/tuun kaartaa Fiizikaalaa Afrikaa gabatee gurraacha irratti haa maxxansan. Kaartaan gabatee irratti maxxanfam kitaaba isaanii keessas jiraachuu qaba. Barattoonni tartiibaan ka'anii biyyoota addaan baasanii akka himan jajjabeessuu. Barsiisaanis, odeeffannoo isaan kennan irratti yaada ni dabalu. • Barattoonni Kaartaa isaan harka jiru irratti maqaa biyyootaa, Magaalotaa fi laggeen gurguddoo ni dabalu. • Magaalota gurguddoo lama, Akira fi Kampaalaa fakkeenya fudhachuun waliin dorgomsiiisu. • Battallee/Kuwiizii/Magaalota gurguddoo fi biyyoota irratti kennuufii.
<ul style="list-style-type: none"> • Hariiroo jechoonni sararran dalgee fi gadee, sararran wal tarree fi mariidiyaanii waliin qaban ni ibsu. 	<p>1.2. Sararran Dagalee fi Gadee (Waytii 3)</p> <ul style="list-style-type: none"> • Sarara Kaansarii, Mudhii lafaa fi sarara Kaappriikoornii • Sarara dagalee, sarara gadee fi Giriinwich Meriidiyaanii. 	<ul style="list-style-type: none"> • Marii daree: Barannoo barattoonni kutaa 6^{ffaa}tti sararawwan Kaanserii, Kaappriikoornii, Mudhii lafaa fi Ufubaa lafaa irratti baratan keessa deebi'anii haa mari'atan. Gabatee Gurraacha irratti fakkii kaasaafii. • Itti aansuun sararawwan dagalee biroo itti himuu. Itti aansuunis sararawwan gadee mariidiyaanii jalqabuun itti himuu, maaliif akka fayyadu kanneen beekan akka himan gaafachuun ibsa gahaa kennaafii. • Barattoonni fakkiiicha dabatara isaanii irratti haa kaafatan

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> Maatii Afaanota gurguddoo Afrikaa ni tarreessu. 	<ul style="list-style-type: none"> Garaagarummaa sa'aatii bakka adda addaa 	<ul style="list-style-type: none"> Dhuma irratti gara bahaatti sa'atiin tokko digrii dagalee 15° gara bahaatti kan lakkoofsisu ta'uu isaa ibsuufiin walitti dhufeenya inni sochii biiftuu waliin qabu ibsaafii, sagantaa saatelaayitii televiiziyinii fayyadamaa. Fakkeenyaaf, Saatelaayitii Naayil sa'aatii kubbaan miilaa itti taphatamu UK, Kaayiroo, Finfinnee, Sa'udii Arabiyaa, Abu Daabii fi kkf keessatti argisiisu itti himuu, UKtti (00) sa'atii 14:00 yoo ta'e Finfinneetti taphichi sa'atii meeqatti argisiifamuu akka danda'u barattoota gaafachuu
<ul style="list-style-type: none"> Maatii Afaanota gurguddoo Afrikaa ni tarreessu. 	<p>1.3. Maatii Afaanotaa gurguddoo Afrikaa fi Faca'iinsa Isaanii (Wayitii 2)</p> <ul style="list-style-type: none"> Maatiiwwan Afaanota Gurguddoo. 	<ul style="list-style-type: none"> Barattoonni maatii afaanota gurguddoo Afrikaa maqaa dhahuu yoo danda'an akka himan gaafachuu. Maqoota isaan himan kaartaa Afrikaa gabatee gurraacha irratti kaafame keessatti barreessuu. Fakkeenyaaf, Afaanota Baantuu, Afaan Arabaa, Afaan Sa'aan. Maatii afaanota gurguddoo irratti ibsa gabaabaa kennuu. Maatii Afaanota gurguddoo lamaa fudhachuun ibsa irratti kennuu. Isa bodda barattoonni kaartaa Afrikaa irratti faca'iinsa maatii Afaanotaa kanneen akka guutan gaafachuu. Dhuma irratti barattoonni hanga danda'ametti waa'ee ummata maatii afaan tokko dubbatan akka himan jajjabeessuu.
<ul style="list-style-type: none"> Misirii fi Kaarteejii wiirtuu qaroomman Afrikaa durii ta'uu isaanii ni agarsiisu Bu'aa qaroomman Misirii fi Kaarteejii durii ni ibsu. 	<p>1.4. Qaroomman Afrikaa Durii (Misirii fi Kaarteejii) (Wayitii 2)</p> <ul style="list-style-type: none"> Qarooma Misir Manneen amantii Ummata Qonna Daldala Hiroogliifiksii Qarooma Kaarteejii Durii 	<ul style="list-style-type: none"> Argama Misir Durii ilaalchisee kaartaa gabatee gurraacha irratti kaasuu, isa booda barattoota waliin irratti mari'achhuu. Dhuma irratti argama Misir Durii fi kan yeroo ammaa wal bira qabuun madaaluu. Kaarta dabtara isaanii irratti akka garagalchatan jajjabeessuu. Ijaarsa manaa, Fara'oonotaa, Qonnaa fi haala qunnamtii Misir Durii fudhachuun Aksum waliin madaaluu. Hiroogliifiksii: Mallattoowwan bu'uuraa barattootatti argisiisuun akka isaan barreeffama hiirrogliifiksii salphaa ta'an dubbisan jajjabeessuu. Barattoonni kaartaa irratti Kaarteejii akka kaasan taasisuu. Haala Qonnaa, Ummataa fi qunnamtii Kaarteejii fudhachuun irratti mari'achiisu.

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> • Bu'uura dinagdee biyyoota sirna koloniin duraa kanneen akka Maalii fi Funji ni xiinxalu. • Akkaataa ijaarsa gamoo Zimbaabuwee sirna koloniin duraa ni dinqisiifatu. 	<p>1.5. Mootummoota sirna koloniin duraa Fknf.</p> <ul style="list-style-type: none"> • Zimbaabuwee Sirna koloniin dura • Maalii Sirna koloniin dura • Funji Sirna koloniin dura (Wayitii 3) 	<ul style="list-style-type: none"> • Kaarteeji fi Misriin akka wal iin madaalan taasisuu. • Bu'aa qaroomman lamaan yeroo ammaaf gumaachan irratti mari'achiisaa. • Qarooma durii fi afaanota kanaan dura baratan keessa deebi'anii akka himan jajjabeessu. • Kaartaa irratti Zimbaabuwee sirna koloniin duraa addaan ni baafatu. Waa'ee biyyattii maal akka dhagahan kaasuun irratti ni mari'atu. • Zimbaabuween sirna koloniin dura maal aka fakkaattu ni ibsama. • Isa booda waa'ee Maalii fi Funjiin itti himuun kaartaa irratti akka agarsiisan jajjabeessuu. • Maalii fi funjii ilaalchisee haala ijaarsa gamoo, ummata, qonna, bu'uura dinagdee fi bu'aa isaan argamsiisan irratti ibsi ni taasifama. • Gareen ta'anii aadaa biyya kamiitu akka isaan gammachise haa barreessan. • Battallee/Kuwiizii/biyyoota sirna koloniin duraa irratti haa kennamuufi.
<ul style="list-style-type: none"> • Gumaachi daldalli karaa dheeraa Itoophiyaa keessatti adeemsifame ummata walqunnamsiisuu irratti gahee guddaa kan taphate ta'uu isaa ni dinqisiifatu. 	<p>1.6. Daldalli karaa dheeraa ummata Itoophiyaa walqunnamsiisuuf sababa ta'uu isaa (Wayitii 3)</p> <ul style="list-style-type: none"> • Itoophiyaa keessatti daldala karaa dheeraa 	<ul style="list-style-type: none"> • Barattoonni daandii daldalaa Itoophiyaa kaartaa irratti kaasuun irratti mari'atu. Itti aansuun meeshaalee gurguddoo daldalamaa turan addaan ni baafatu. • Barattoonni faayidaa daldalaa fi gahee inni ummata Itoophiyaa walqunnamsiisuu keessatti taphate irratti ni mari'atu. • Daandii daldalaa Itoophiyaan ala ba'anii fi bakka isaan gahan irratti ni mari'atu.

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> ● Daandiin daldalaa biroon Afrikaa keessa jiraachuu isaa hubachuun madda isaanii addaan ni baafatu. 		<ul style="list-style-type: none"> ● Daandiwwan daldalaa lama fudhachuun sababa isaan bakka sanatti argamuu dandaan seenaa fi haala ammayyummaatiin walqabsiisuun mari'achiisaa
<ul style="list-style-type: none"> ● Dhimmoota faca'iinsa ummataa murteessan ni himu. ● Hariiroo dhimmoota faca'iinsi ummataa qubannaa ummataantiin waliin qabu ni ibsu, akkasumas kaartaa irratti ni agarsiisu. 	<p>1.7. Ummata Afrikaa (Wayitii 8)</p> <p>1.7.1. Qubiinsaa fi faca'iinsa ummataa (Wayitii 3)</p> <ul style="list-style-type: none"> ● Dhimmoota faca'iinsaa fi qubannaa ummataa murteessan (Biqiltoota, qilleensa baramaa, dhiibbaa ummataa). ● Qilleensa Baramaa. ● Saavaanaa, naannoo lafa dakee mudhii lafaa, gammoojjii, lafa olka'aa naannoo mudhii lafaa 	<ul style="list-style-type: none"> ● Barattoonni gosa biqiltoota naannoo Afrikaa adda addaatti biqilan kaartaa fiizikaalaa Afrikaa irratti agarsiisuun irratti mari'atu. ● Barattoonni qilleensa baramaa Afrikaa ilaalchisee waan beekan kaartaa irraa ilaalanii akka himan gaafachuu. Naannoo qilleensa baramaa isa kamtu biyyee gabbataa fi qonnaaf mijaa'aa akka ta'e irratti haa mari'atan. ● Chaartii hojjachuun haala faca'iinsa qilleensa baramaa adda addaa agarsiisuu. ● Barattoonni kaartaa faca'iinsa ummata Afrikaa agarsiisu ilaaluun walitti dhufeenya inni qilleensa baramaa waliin qabu irratti haa mari'atan. ● Sababoota biroo baqa ummataa hordofsiisan irratti haa mari'atan. Fakkeenyaaf, waraanaa fi beela.

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> ● Haallan jireenyaa biyyoota Afrikaa keessatti baay’innan beekaman ni ibsu. ● Haallan jireenyaa kanneen qilleensa baramaa fi biqiltoota waliin wal qabsiisuun ni ibsu. ● Dandiiwwan geejjiba adda addaa Afrikaa keessatti argaman ni himu. 	<p>1 .7.2. Haala jireenya ummata Afrikaa (Wayitii 3)</p> <ul style="list-style-type: none"> ● Suluula Guddaa ● Itoophiyaa keessatti qurxummii qabuu. ● Lafoota Dakee Mudhii lafaa fi Leecaloo isaanii, Naayijeeriyaa (Zayitii boba’aa, paalmii kokoonatii, qurxummii, midhaan nyaataa, fakkeenyaaf, kaasaavaa) ● Lafa marga dhedheeraa: Horii horsiisuu (Itoophiyaa fi Keeniyaa) ● Lafoota olka’oo mudhii lafaa oomisha midhaanii. Bunaa fi shaayii, abaafoo fi kuduraa guddisuu, oomisha aananii nii, oomisha 	<ul style="list-style-type: none"> ● Barattoonni haallan jireenyaa ummata Afrikaa bakka adda addaa qubatan addaan baasanii walitti dhufeenya isaan qilleensa baramaa fi leecaloo waliin qaban irratti akka mari’atan taasisaa. ● Hojiiwwan naannoo adda addaatti hojjataman keessaa tokko akka fakkeenyaatti fudhachuun ilaaluu. Fakkeenyaaf, lafa dakee baadiyyaa Mudhii lafaa ● Haala qurxummiin Itoophiyaa keessatti itti qabamu fudhachuun irratti mari’achuu. ● Qo’annoo sumudaa: Horii horsiisuu fudhachuun irratti mari’achuu. ● Daandiiwwan makiinaa/ baaburaa/ gurguddoo Afrikaa keessatti argaman kaartaa irratti argisiisuun dhiibbaa waraanaa fi jeequmsi daandiiwwan geejjibaa irratti fidan irratti mari’achiisaa.

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> ● Qubannaa Magaalotaaf kanneen sababoota ta’an ibsuun fakkeenya ni kennu. ● Daandiiwwan geejjibaa ijoo ta’an beekuun dhiibbaa nageenya dhabuu fi jeequmsi geejjiba irratti qabu ni ibsu. 	<p>1.7.3. Dhimmoota faca’iinsa, qubannaa fi haala jireenya ummataa murteessan (Waitii 2)</p> <ul style="list-style-type: none"> ● Sababoota qubannaa ummataa magaalaa fakkeenyaaf Finfinnee fi Mombaasaa ● Daandii geejjibaa fi dhimmoota nageenyaa: isaanis, waraanaa fi jeequmsoota. 	<ul style="list-style-type: none"> ● Barattoonni kaartaa bakka qubannaa Magaalotaa ilaaluun of haa yaadachiisan. ● Qo’annoo sumudaa Finfinnee fi Mombaasaa fudhachuun ibsaafii. ● Finfinneen lafa gabbataa suluula laga qabu irratti hundaa’uu ishee, Mombaasaan immoo magaalaa buufata doonii yammuu taatu bakka daandiin baaburaa Baha Afrikaa inni jalqabaa itti argamudha. Hojjataa Finfinnee keessaa buna saamsuu fi Mombaasaa keessaa buufata doonii keessa hojjatu walbira qabuun ilaalu. ● Qilleensa baramaan walitti dhufeenya qabaachu isaas tuqi. ● Dhiibbaa waraanaa fi jeequmsi sochii ummataa fi geejjibaa irratti qabu irratti mari’achiisaa.

Madaallii

Barsiisaan/tuun hojii tokkoon barattoonni boqonnaa kana keessatti raawwatu walitti fufiinsaan madaaluun kaayyoo gooree irratti hundaa’uun ibsa itti aanuun waliin madaalee barattoonni sadarkaa ga’umsa isa xiqqaa irraa ga’uu isaa ni murteessa.

Barattoonni sadarkaa isa xiqqaa irratti hojjatan: Hammaa fi danaa Afrikaa ardiwwan biroo waliin madaaluu, maqoota maatii afaanota gurguddoo Afrikaa tarreessuu, Afrikaan bakka jireenya gosoota baayyee ta’uu ishee dinqisiifachuu, argamni Misirii fi Kaarteeji wiirtuu qarooma Afrikaa ta’uu isaanii agarsiisuu, bu’aawwan qaroomman Misirii fi Kaarteeji ibsuu, bu’uura dinagdee biyyoota sirna kolniin duraa kanneen akka Zimbaabuwee, Maalii fi Funjii ibsuu, Daandiin karaa dheeraa Itoophiyaa keessatti adeemsifamaa ture ummata Itoophiyaa walqunnamsiisuu isaa dinqisiifachuu, argannoo Zimbaabuween dandeettii ijaarsaa gamoowwanii sirna kolonii dura qabdu dinqisiifachuu, akkasumas, dhimmoota faca’iinsaa fi haala jireenya ummataa murteessan ibsuu ni danda’u.

Barattoonni sadarkaa ga’umsa isa xiqqaa isaan irraa eegamu (barbaadamu) olitti hojjatan jajjabeeffamuu fi hojiin isaanii beekamtii argachuu qaba. Hojiin isaaniis ciminaan itti fufuu qaba malee waan hojjatanitti quufuun of daggachuun irra hin jiru.

Barattoonni sadarkaa ga’umsa isa xiqqaa isaan irraa barbaadamuu gaditti hojjatan akka kanneen biroo waliin deemuu danda’anitti gargaarsa biroo argachuu qabu. Daree keessatti yeroo boqonnaa fi dhuma guyyaatti xiyyeeffannaa addaan kennuufiin gargaaruun barbaachisaa ta’a.

Bu'aawwan Boqonnichaa: Barattoonni barnoota boqonnaa kanaa erga xumuramii booda:

- Caasaa baqqaanota lafaa fi qabiyyeewwan irra lafaa ni ibsu.
- Sosocho'iinsi diriira keessa lafaa rom'a lafaa uumuu danda'uu isaa ni hubatu.
- Haala uumamaa, gosaa fi misooma dinagdee keessatti faayidaa kattalleewwan qaban ni ibsu.
- Faayidaa sararran dagalee fi gadee hubachuun sararran wal tarree fi meeriidiyaanii ibsuu ni danda'uu.
- Wixinee kaartaa hojjachuun ni danda'u.

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<p>Barattoonni adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti:</p> <ul style="list-style-type: none"> • Maalummaa kaartaa ni ibsu. • Itti fayyadama kaartaa ni shaakalu • Wixinee kaartaa Afrikaa kaasuun odeeffannoo-wwan handaara kaartaa ni kaa'u. 	<p>2.1. Kaartaa irraa odeeffannoo barbaaduu fi itti fayyadamuu (Wayitii 6)</p> <ul style="list-style-type: none"> • Kaartaatti fayyadamuu • Odeeffannoo handaara kaartaa (mata duree, kallattii, guyyaa fi furtuu) 	<ul style="list-style-type: none"> • Faayidaa kaartaa irratti, eenyu akka itti fayyadamuu fi akka hojjate irratti mari'achiisaa. • Qo'annoo sumudaa namni waajjira hojii kaartaa bulchiinsa magaalaa naannoo kaasan keessa hojjatan kaartaa iskeelii 1:50,000 qabu fiduun gabatee gurraacha irratti diriisuun gart tokkee xiqqaa fudhachuun odeeffannoo handaara kaartaa wajjiin barattootatti agarsiisaa. • Barattoonni kaartaa irraa maal fa'a akka argan, dabalataanis (mata duree, kallattii, furtuu fi guyyaa) maaliif barbaachisoo akka ta'an gaafachuun hubachiisaa. • Tokkoon tokkoo barataa wixinee kaartaa Afrikaa dabtara yaadannoo isaanii keessatti gabatee gurraacha irratti akka isin kaaffanitti haa kaasan. Kunis, wantoota barbaachisoo akka Magaalotaa, daangaawwanii, laggeenii fi gaarreen agarsiisuuf yaala. • Barattoonni akka furtuu itti kaayaan yaadachiisuun kaartaa qopheessaniif furtuu akka qopheessan gargaaraanii. • Kaartaa Magaalota saffisaan guddatan fakkeenyaaf Finfinnee, maaliif guyyaa kaartichi itti hojjatame beekuun barbaachisaa akka ta'e barattoota gaafachuun yaada isaanii hubadhaa.

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> Baqaanota lafaa ni ibsu Wantoota gurguddoo irri lafaa irraa hojjatame ni tarreessu. 	<p>2.2. Baqaanota Lafaa (Wayitii 4)</p> <ul style="list-style-type: none"> Irri lafaa, keessa lafaa fi handhuura lafaa (Gad fageenya Irri lafaa fi keessa lafaa) Qabiyyeewwan gurguddoo Irri lafaa 	<ul style="list-style-type: none"> Buuphaa /Killee/ affeelamte fudhachuun baqqaanonni lafaa akkamiitti akka uumaman ibsaafii. Itti dabaluunis gad fageenya irra lafaa fi keessaa lafaa baldhinnaan hubachiisuun handhuurri lafaa ammoo baay'ee oo'aa ta'uu isaa ibsaafii. Wantoota gurguddoo irri lafaa irraa hojjatame kanniin akka biyyee, bishaanii fi kattalleewwan fakkii / footogiraafii / keessa baqaanota lafaatii fi kattalleewwan agarsiisuutti fayyadamuun ibsaafii.
<ul style="list-style-type: none"> Gosootaa fi akkaataa uumama kattalleewwanii ni ibsu. Faayidaa kattalleewwan misooma dinagdee keessatti qaban ni ibsu. Guddina misooma dinagdee Itoophiyaa keessatti faayidaa kattalleewwan qaban ni ibsu. 	<p>2.3. Gosootaa fi akkaataa uumama kattalee (Wayitii 2)</p> <ul style="list-style-type: none"> Uumama kattalleewwanii Gosootaa fi faayidaa kattalleewwanii (Kuus- maansa, dhagaa baqi qorrii fi dhagaa jijjiiramaa) Misooma dinagdeef faayidaa kattalleewwanii 	<ul style="list-style-type: none"> Naanoo oo'aa hadhuura lafaa keessaa kattallee baquun dhiibamee ol bahu irratti ibsa gahaa kennuufiin (barattoonni waa'ee kanaa irratti barnoota duraan baratan) akka yaadataniif fi kattaan baqerga fuula lafaa irra gahe haala isaa jijjiirachuun gara waan jabaataatti jijjiiramuu isaa ibsaafi. Fakkii kattalleewwan kuus-maansaa, dhagaa baqi- qorrii fi dhagaa jijjiiramaa kaasuu fi sumuda isaanii fudhachuun barattootatti agarsiisaa. Waa'ee kattalleewwan faayida qabeessa ta'anii fi albuudota beekan akka himan barattoota gaafadhaa. Albuudota akka siibila diimaa/kopparii/ warqii, dhagaa gati-qabeessa akka diyaamandii fi kanniin biroo irratti mari'achiisaa. Barattoonni kaartaa Itoophiyaa kan faca'iinsa albuudota agarsiisuu akka dabtara yaadannoo isaanii irratti kaafatan gaafachuun, barattoota wajjinis irratti mari'adhaa.

Madaallii

Barsiisaan/tuun hojii barattoota hundaa haala wal irraa hin cinneen guutuu boqonnaa keessatti kaayyoowwan gooree armaan gadiitti ibsaman irratti hundaa'uu, ga'umsa isaan irraa barbaadamu argachuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu qabu.

Barattoonni sadarkaa gahumsa (dandeettii) isa xiqqaa isaan irraa barbaadamu/eegamu/argachuuf hojjatan kanniin armaan gadii raawwachuun danda'uu qabu.

Maalummaa kaartaa ibsuu.

- Jechoota sararran Dagalee fi sararran Gadee jedhaman sararaan Wal tarree fi sararran Meeriidiyaanii wajjiin wal bira qabuun ibsuu danda'uu.
- Wixinee kaartaa Afrikaa hojjachuun sararran Ji'ooqirraafiitti fayyadamuu danda'uu,
- Odeeffannoowwan handaara kaartaa irratti argaman keessaa muraasa himuu,
- Kallattiwwan qabxiilee kaartaa irratti agarsiisuu.
- Baqqaanota lafaa ibsuu,
- Wantoota gurguddoo irri lafaa irraa hojjatame ibsuu isaanis, ardiilee fi qaamman bishaana'oo ibsuu,
- Gosootaa fi akkaataa uumama kattalleewwanii ibsuu danda'uu fi
- Faayidaa kattalleewwan guddina misooma dinagdee keessatti qaban ibsuu danda'uu fa'a.

Barattoonni sadarkaa ga'umsa isa xiqqaa isaan irraa eegamu (barbaadamuu) olitti hojjatan jajjabeeffamuu fi hojiin isaanis beekamtii argachuu qaba. Hojii isaa ciminaan itti fufuu qaba malee waan hojjatanitti quufuun of daggachuun irra hin jiru.

Barattoonni sadarkaa ga'umsa isa xiqqaa isaan irraa barbaadamuu gaditti hojjatan akka kanneen biroo waliin deemuu danda'anitti gargaarsa biroo argachuu qabu. Daree keessatti yeroo boqonnaa fi dhuma guyyaatti xiyyeeffannaa addaa kennuufiin gargaaruun barbaachisaa ta'a.

BOQONNAA 3**SIRNA IKKOO FI RAKKOOLEE ISAA (WAYITII 16)**

Bu'aawwan Boqonnichaa: Barattoonni barnoota boqonnaa kanaa erga xumuranii booda:

- Afrikaa keessatti wantoota faca'iinsa, faayidaa fi haallan gurguddoo biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa murteessan ni hubatu.
- Argamaa fi rakkoo qabeenya bishaan dhugaatii mudachuu danda'an ni hubatu.
- Maloota kunuunsa qabeenya uumamaatiif oolan mirkaneeffachuu ni danda'u.

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<p>Barattoonni adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti:</p> <ul style="list-style-type: none"> ● Noonnoolee biqiltoota uumamaa Afrikaa, kaartaa Afrikaa irratti ni agarsiisu. ● Bineensota bosonaa Afrikaa gurguddoo addaan ni baafatu. ● Faca'iinsa bineensota bosonaa naannoo uumamaa wajjin wal bira qabuun ni ibsu. ● Biqiltoonni fi bineeldonni qaama Sirna Ikkoo ta'uu isaanii ni ibsu. ● Bakki jireenya bineensotaa yoo jalaa manca'e bineensonni kan badan ta'uu isaa ni ibsu. 	<p>3.1. Biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa (Wayitii 6)</p> <ul style="list-style-type: none"> ● Faca'iinsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa ● Faayidaa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa (saayinsiif, dinagdee fi akka qaama uumama naannoo (addunyaatti). ● Haallan gurguddoo biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa too'atan (dhala - namaa) jechuun baay'ina ummataa, hanqina hubannoo, hiyyummaa fi uumamaan jechuun, qilleensa baramaa, ibidda bosonaa fa'a. ● Badiitii sanyiiwwan lubbu-qabeeyyii adda addaa 	<ul style="list-style-type: none"> ● Kartaa Afrikaatti fayyadamuun barattoonni waa'ee gosaa fi faca'iinsa biqiltoota uumamaa Afrikaa akka yaadatan taasisaa, Kunis (bosona roobaa naannoo Mudhii lafaa, saavaanaa, gammoojjii, gammoojii fakkii, naannoo Meediteraaniyaanii, fi lafa baddaa naannoo qilleensa oo'aa) akka kaartaa Afrikaa irratti agarsiisan taasisaa. ● Bineeldota naannoolee uumamaa adda addaa keessa jiraatan irratti mari'achiisaa. Muraasni/gariin/isaanii biqiltoota akaakuu tokkoo ol ta'an keessatti haala gaariin jiraachuu danda'u. Barattoonni akka kanneen beekani tarreessan taasisa. ● Bakki jireenya isaanii yoo barbaadaa'e maaltu bineeldota mudachuu akka danda'u barattoota wajjin irratti mari'adha. Bineeldota lafaa irraa sanyiin isaanii badaa jiran ibsaafii. It dabaluuinis faayidaa biqiltoonni uumamaa fi bineensonni bosonaa qo'annaa guddina saayinsii fi misooma dinagdee keessatti qaban, fakkeenyaaf, qo'annoo dawaa/ qorichaa/ biqiltoota irratti adeemsifaman akkasumas, haallan saffisaan biqiltoonni fi bineeldoonni itti argamanii fi badan irratti mari'achiisaa. ● Barattoota garee lamatti qooduun daree keessatti Battallee kennuufiin fakkii bineensota naannoo isaaniitti baay'inaan hin beekamne itti agarsiisuun eessaa akka dhufanii fi naannoo akkamii keessa akka jiraatan akka himan gaafadhaa.

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> • Dhiibbaa namaatiin wantoota bineensota bosonaa irraan miidhaa geessisan ni ibsu. • Jijjiirama qilleensa baramaa hambisuuf hojjachuu kan danda’an ta’uu isaanii ni agarsiisu. 		
<ul style="list-style-type: none"> • Hariiroo namaa fi bishaan jidduu jiru ni ibsu. • Afrikaatti gahumsaan argamuu fi hanqina bishaan dhugaatii jiru walbira qabuun ni ibsu. • Sodaa badiitii bishaanii fi sababban badiitii bishaan dhugaatii Afrikaa keessatti mudachuu danda’an dursanii ni himu. • Sababban badiiti qabeenya biyyee Afrikaa addaan ni baafatu. • Sababban faalama qilleensa Magaalotaa maal fa’a akka ta’an ni tarreessu 	<p>3.2. Bishaan, biyyee fi qilleensa (Wayitii 4)</p> <ul style="list-style-type: none"> • Jiraachuuf barbaachisummaa bishaanii. • Sababban rakkoolee bishaan dhugaatii fidan fakkeenyaaf qulqullina dhabuu, babaldhina Magaalotaa, babaldhina industirii, safisaan baay’achuu lakkoofsa ummatan Sodaa badiitii biyyee • Sababban faalama qilleensa Magaalotaa 	<ul style="list-style-type: none"> • Bishaan maaliif akka barbaadnu barattoonni akka irratti mari’atan gaafadhaa. Ragaa ga’umsaan argamuu bishaan qulqulluu fi hamma qabeenya bishaanii Afrikaa ibsa kennuufiin hubachiisaa. • Garaagarummaa bishaan hamma barbaachisuu fi bishaan hamma jiruu irratti mari’achiisaa. Sababban addaan baasaa ibsaa. • Barattoonni cimdii cimdii ta’uun waa’ee badiitii bishaan dhugaatii qulqulluu irratti akka mari’atan (qulqullina dhabuu, babaldhina Magaalotaa, babaldhina industiriiwwanii fi safisaan baay’achuu lakkoofsa ummataa Afrikaa keessatti muldhatu.) • Gabaasa barattootaa irra deebi’uun yaada xumuraa kennaafii. • Qo’annoo sumudaa Finfinnee irratti adeemsifamee fi ragaa baay’ina ummataa ilaaluu fi fakkiwwan adda addaa barattootatti agarsiisuun akka hojjatan taasisaa. • Barattoonni waa’ee badiitii biyyee fi faalama qilleensaa irratti akka mari’atan yaada ka’umsaa kennaafii. Badiitii biyyee wantoota geessisan kan isaan sodaatan akka tarreessan gaafadha. • Footogiraafii faalama qilleensaa magaalaa Finfinnee agarsiisu irratti mari’achiisaa.

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> • Kunuunsi biqiltoota uumamaatiif godhamu kunuunsa qabeenya uumamaa biroottiifis kan gargaaru ta'uu ni ibsu. • Akkaataa faalama qilleensaa fi bishaanii ittiin too'atamu ni ibsu. • Bishaan naannoo isaanitti argamu qulqullinaan ittiin fayyadamuuf fedhii ni horatu. 	<p>3.3. Kunuunsa qabeenya uumamaatiif tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban (Wayitii 6)</p> <ul style="list-style-type: none"> • Kunuunsa biqiltoota uumamaa • Faalama qilleensaa fi bishaanii akkaataa itti too'atan. • Maloota kunuunsaa adda addaatti fayyadamuu • Dirqama namummaa keenyaa fi sagantaa kunuunsa naannoo Mootummoota walta'anii (UNEP) 	<ul style="list-style-type: none"> • Kaartaa yaadaa kan waa'ee hariiroo gaarii jidduu kunuunsa biqiltootaa fi kunuunsa bishaanii, biyyee, qilleensa fi bineensota bosonaa ibsu qopheessuun irratti mari'achiisaa. • Projektii xiqqaa kan barattoonni gochaan keessatti hirmaachuu danda'an waa'ee eegumsa qulqullina bishaanii mana barnoota isaanii keessatti yookiin naannoo jireenya isaanii keessatti itti hirmaatan qopheessuun gargaaraanii. • Barattoota garesaditti qoodaa. Gareentokko waa'ee kunuunsa biqiltootaa kanniin hafan kunuunsa bishaanii fi ittisa faalama qilleensaa irratti haa mari'atan. Bakka bu'oonnii gareewwanii kutaaf/ dareef/ gabaasa haa dhiyeessan. Yaaddan kennaman gabatee gurraacha irratti barreessuun waan haqate barsiisaan itti haa guutu. • Barattoonni dhuma irratti dabtara isaanii keessatti yaadannoo isaanii haa barreeftatan. • Bishaan qulqullina hin qabne dhuguun barattoonni dhibaman yoo jiraatan gaafadhaa. Akkaataa bishaan qulqulluu mana isaanii itti qopheeffatani fi itti kuufatan irratti mari'achiisaa. • Akkaataa maloota bishaan ittiin qulqulleessanii fi bishaan xuraa'aa bakka (ooyiruu) fuduraa fi muduraafittiin fayyadamu danda'an irratti barreeffama qopheessaafii. • Qo'annoo sumudaa: Dhaabbanni Mootummoota Walta'anii sagantaa kunuunsa naannoo (UNEP) Naayiroobii irratti qophaa'e irratti hundaa'uun akka dhala namaatti dirqama eegumsa bineeldota uumamaa addunyaatiif gochuun kan nurraa eegamu ta'uu ibsaafi.

Madaallii

Barsiisaan/tuun hojii barattoota hundaa haala wal irraa hin cinneen guutuu boqonnaa keessatti kaayyoowwan gooree armaan gadiitti ibsaman irratti hundaa’uun ga’umsa isaan irraa barbaadamu argachuu danda’uu isaanii mirkaneeffachuu qabu.

Barattoonni sadarkaa gahumsa isa xiqqaa isaan irraa eegamuu (barbaadamu) argachuuf hojjatan kanniin armaan gadii raawwachu danda’uu qabu.

- Biqiltoota uumamaa Afrikaa addaan baafachuu,
- Bineensota bosonaa gurguddoo Afrikaa addaan baafatuu,
- Kaartaa Afrikaa irratti faca’iinsa biqiltoota uumamaa agarsiisuu,
- Faayidaa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa Afrikaa ibsuu,
- Hariiroo biqiltoota uumamaa, fi bineensota bosonaa (bineeldota) jidduu jiru xiinxalluu,
- Sababban gurguddoo Dhala namaatiin biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti dhiibbaa geessisan tarreessuu,
- Sababban uumamaa gurguddoo dhiibbaa biqiltootaa fi bineensota bosonaa irra gahan ibsuu,
- Hariiroo dhala namaatii fi bishaan jidduu jiru ibsuu,
- Argamaa fi hanqina bishaan dhugaatii qulqulluu Afrikaaatti muldhatu wal bira qabuun ibsuu,
- Sodaa badiitii qabeenya bishaan dhugaatii Afrikaa kan gara fuulduraa tilmaamuu,
- Sababban soda badiitii bishaanii ibsuu,
- Sodaa badiitii qabeenya biyyee Afrikaa addaan baafachuu,
- Kunuunsa biqiltoota uumamaatiif godhamu kan qabeenya biraatiif godhamu wajjiin walitti firoomsuu,
- Akkaataa ittisa faalama qilleensaa fi bishaanii irratti ibsa kennuu,
- Itti fayyadamaa fi eegumsa bishaan qulqulluu mana isaanii irratti fedhii horachuu danda’uu qabu.

Barattoonni sadarkaa ga’umsa isa xiqqaa isaan irraa eegamu (barbaadamu) olitti hojjatan jajjabeeffamuu fi hojiin isaaniis beekamtii argachuu qaba. Hojii isaanii ciminaan itti fufuu qaba malee waan hojjatanitti quufuun of daggachuun irra hin jiru.

Barattoonni sadarkaa ga’umsa isa xiqqaa isaan irraa barbaadamuu gaditti hojjatan akka kanneen biroo waliin deemu danda’anitti gargaarsa biroo argachuu qabu. Daree keessatti yeroo boqonnaa fi dhuma guyyaatti xiyyeeffannaa addaan kennuufiin gargaaruun barbaachisaa ta’a.

Bu'aawwan Boqonnichaa: Barattoonni erga boqonna kana baratani booda:

- Dhiibbaa HIV /Eedsiin hawaas dinagdee Afrikaa irratti fidu ni xiinxalu.
- Dhiibbaa dhabii bulchiinsa gaarii Afrikaa keessatti fide ni mirkaneeffatu.
- Kaayyoo fi argama dhaabbileen naannoolee adda addaa Afrikaa keessatti hundeeffamanii addaan ni baasu.
- Dhiibbaa saffisaan baay'achuun ummata Afrikaa fide ni xiinxalu.

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<p>Barattoonni adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti:</p> <ul style="list-style-type: none"> • Babaldhinaa fi dhiibbaa HIV /Eedsiin Afrikaa keessatti geessisu ni ibsu. 	<p>4.1. Dhimmoota Ummataan walqabatan</p> <p>4.1.1. Baballinaa fi Dhiibbaa HIV /Eedsiin Afrikaa keessatti geessisu (Wayitii 3)</p> <ul style="list-style-type: none"> • Afrikaa keessatti babaldhina HIV /Eedsiin • Afrikaa keessatti dhiibbaa HIV /Eedsiin geessisu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Gahee WHOn akka to'ataa fayyaa addunyaa fi dhiyeessaa Istaatistikii fayyaa ta'etti ibsuufiin akkaataa Istaatistikii itti fayyadamuun danda'u barattoonni hamma beekan akka himan gaafachuu. • Baballina HIV/Eedsiyeroo ammaa Afrikaa keessatti muldhatu ilaalchisee daataa WHOn qabu barattootaaf kennuu. Yaada isaan baballina HIV / Eedsiin irratti qaban irratti mari'achiisuu. • Istaatistikisii biyyoota adda addaa waliin madaaluun hubachiisaa. • Afrikaa kibbaa keessaa maatii HIV /Eedsiin miidhame tokko fudhachuun irratti mari'achuu. • Barattoonni fakkii maatii HIV /Eedsiin qabame (spider diagram) akka kaasan gaafachuu. Biyyi tokko dargaggoo baratan dhabuu akka hin barbaadne ibsaafii.

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> • Dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsi ummataa Afrikaa keessatti fide • Dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsi ummataa naannoo isaanii irratti fide ilaalchisee gabaasa gabaabaa ni barreessuu, xiinxalu 	<p>4.1.2. Afrikaa keessatti dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa fidu ni ibsu (Wayitii 4)</p> <ul style="list-style-type: none"> • Walmadaaluu dhiisuu leecaloo fi fedhaa. • Hojii Dhabiinsa • Hiyyummaa 	<ul style="list-style-type: none"> • Rakkolee saffisaan guddachuun lakkoofsi ummataa fidu barattoonni gahee taphachuun akka agarsiisan haala mijeesuufii • Gahee isaan taphatan walgitiinsa dhabuu leecaloo fi fedha ummataa, hojii dhabiinsaa fi hiyyummaa irratti akka xiyyeeffatu taasisuu
<ul style="list-style-type: none"> • Qabiyyeewwan labiiwwan • Dhaabbanni Mootummoota Walta'anii mirgoota daa'immanii ilaalchisee baase addaan ni baafatu. • Sarbiinsa mirgoota daa'immanii naannoo • Isaanii keessatti raawwatamu ni ibsu. • Akkaataa ittiin sarbiinsa mirgoota daa'immanii jalaa ba'uun danda'amu ni ibs 	<p>4.2. Dhimmoota mirgaa fi nageenyaa (Wayitii 6)</p> <p>4.2.1. Sarbiinsa Mirga daa'immanii ittisuu (Wayitii 3)</p> <ul style="list-style-type: none"> • Seerota Mirgoota daa'immanii deggeran • Haallan ittiin balaa jalaa ba'uun danda'amu (Namoota itti gaafatamummaan itti dhagahamutti himuu, hiriyoota isaanii akeekkachiisuu, waanuma isaan beekan irraa ka'uun) 	<ul style="list-style-type: none"> • Barattoonni sarbiinsa mirgoota daa'immanii ilaalchisee waan beekan kaasuun irratti haa mari'atan. • Daa'imman dhaanamuun lafeen isaa/ishee cabe yookiin dubara namoonni butuuf yaalan ilaalchisee gahee taphachuun akka agarsiisan haala mijeesuufii. • Gahee agarsiisan irraa barnoota argatan irratti akka mari'atan taasisuu. • Seera of eeggannoo: yeroo hundumaa lafa dhaqxuu fi nama waliin jirtu maatii keetti himi. • Dursa mirgoota eegamuu qaban akka tarreessan gaafachuu. Itti aansuun qabxii mirgoota daa'immanii Dhaabbanni Mootummoota Walta'aniin walbira qabuun ilaalu. (Poosterii fayyadamaa)

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> Fakkeenya kennuun Afrikaa keessatti dhabiiinsi bulchiinsi gaarii maal akka ta'e ni ibsu. Bulchiinsa gaarii fi gaarii hintaane naannoo isaanii keessatti argamuu ilaalchisee gabaasa gabaaba ni barreessu. 	<p>4.2.2. Ibsitoota dhabiiinsa Bulchiinsa Gaarii Afrikaa (Wayitii 3)</p> <ul style="list-style-type: none"> Malaammaltummaa Bu'aa waraana waliin walii Filannoo dareef dorgomuu: Yoo naannoo keetti filatamte bulchiinsa gaarii attamiin hojii irra oolchitaa? 	<ul style="list-style-type: none"> Barattoonni TV ilaaluu fi raadiyoo dhageeffachuun oduu hojii mootummoota biroo ilaalchisee dhaga'an dareetti akka himan gaafachuu. Ganda keessaa nama ga'eessa affeeruun gandii attamiin akka hojjatu barattootaaf akka ibsu gochuu. Qabxiwwan gaarii fi gaarii hin ta'in irratti haa mari'atan Duula filannooof adeemsifamu irratti haa karoorfatan. Yoo naannoo keetti filatamte bulchiinsa gaarii fiduuf maal akka hojjattu gabaasa gabaabaa barreessi.
<ul style="list-style-type: none"> Dhaabbilee naannolee Afrikaa ni himu. Biyyoota miseensa Dhaabbilee kanneenii ta'an addaan ni baafatu. Akeekawwan dhaabbilee naannolee Afrikaa hubachuun ni ibsu. Hundeeffama Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa fi gara Gamtaa Afrikaatti jijjiiramuu isaa ni ibsu. 	<p>4.3. Sagantaawwan Dhaabbileetti Hirmaachuu (Wayitii 4)</p> <ul style="list-style-type: none"> Dhaabbilee naannolee Afrikaa isaan gurguddoo (COMESA, ECOWAS, SADC, Nile Basin Initiative, Gamataa Afrikaa) Hundeeffama Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa Galmoota Dhaabbilee Gurguddoo 	<ul style="list-style-type: none"> Maqaa dhaabbilee naannolee Afrikaa gabatee gurraacha irratti barreessuun barattoonni hangam akka isaan beekan gaafachuu. Waan isaan jedhanis barreessuun odeeffannoo biroos kennaafii. Biyyoota miseensa ta'an ilaalchisee haa mari'atan. Akkaataa Dhaabbanni Tokkummaa Afrikaa itti hundeeffamee fi gara Gamtaa Afrikaatti jijjiirame irratti haa mari'atan. Gamtaan Afrikaa Itoophiyaa keessatti argamuun isaa barbaachisaa ta'uu isaa fi faayidaa inni qabu irratti waan beekan kaasuun irratti haa mari'atan. Kaayyoo fi galma dhaabbilee naannolee Afrikaa qaban irratti haa mari'atan. Tokkoon tokkoon dhaabbilee kanneeniif odeeffannoo chaartii qopheessuun keessatti haa barreessan.

Madaallii

Barsiisaan/tuun hojii tokko tokkoon barattoota boqonnaa kana keessatti raawwatan walitti fufiisaan madaaluun kaayyoo gooree irratti hundaa’uun ibsa itti aanuun waliin madaaluun barattoonni sadarkaa ga’umsa isa xiqqaa irra ga’uu isaa ni murteessu.

Barattoonni sadarkaa gahumsaa isa xiqqaa isaan irraa eegamu (barbaadamu) irratti hojjatan:

- Babaldhinaa fi dhiibbaa HIV/Eedsiin Afrikaa keessatti geessisu xiinxaluu.
- Dhiibbaa saffisaan baay’achuun lakkoofsi ummataa Afrikaa keessatti fide ibsuu.
- Dhiibbaa saffisaan baay’achuun lakkoofsi ummataa naannoo isaanii irratti fide ilaalchisee gabaasa gabaabaa barreessuu.
- Afrikaa keessatti sababoota dhabiinsa bulchiinsa gaariif kanneen ta’an tarreessuu.
- Naannoo isaanii keessatti ibsifoota bulchiinsa gaarii fi gaarii hin taane wantoota ibsan ilaalchisee gabaasa gabaabaa barreessuu.
- Dokumantii Dhaabbata Mootummoota Walta’anii mirgoota daa’iimmanii irratti barreeffaman addaan baafatuu.
- Sarbiinsa mirgoota daa’iimmanii naannoo isaanii irratti raawwataman qeequu.
- Sarbiinsa mirgoota daa’iimmanii irratti attamiin akka of eegan ibsuu.
- Gochi miidhaa fidu maal akka ta’e ibsuu.
- Dhaabbilee naannolee Afrikaa tarreessuu.
- Galmoota kaayyoolee dhaabbilee naannolee Afrikaa hubachuu.
- Hundeeffama Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa fi gara Gamtaa Afrikaatti jijjiiramuu isaa ibsuu ni danda’u.

Barattoonni sadarkaa ga’umsa isa xiqqaa isaan irraa barbaadamu olitti hojjatan jajjabeeffamuu fi hojiin isaanii s beekamtii argachuu qaba. Hojii isaanii ciminaan itti fufuu qaba malee waan hojjatanitti quufuun of daggachuun irra hin jiru.

Barattoonni sadarkaa ga’umsa isa xiqqaa isaan irraa barbaadamu gaditti hojjatan akka kanneen biroo waliin deemuu danda’anitti gargaarsa biroo argachuu qabu. Daree keessatti yeroo boqonnaa fi dhuma guyyaatti xiyyeeffannaa addaan kennuufin gargaaruun barbaachisaa ta’a.

